

**KUN KITAABA
MURTII
FALFALAAFI
RAAGAA KEESSATTI
.KAAAYAME**

**QOPHEESSAN ISAAS SHEEK
ABDULAZIIZ ILMA ABDALLAAH ILMA
BAAZII DHA. RABBI RAHMATA ISAAF
HAA GODHU..**

شركاء التنفيذ:



المحتوى الإسلامي



رواد الترجمة



جمعية الریوة



دار الإسلام

یتاح طباعة هذا الإصدار ونشره بأي وسيلة مع
الالتزام بالإشارة إلى المصدر وعدم التغيير في النص.

Telephone: +966114454900

@ ceo@rabwah.sa

P.O.BOX: 29465

RIYADH: 11557

www.islamhouse.com

Maqaa Rabbii rahmata godhaa mararfataa taheetiin

Duree

Faaruu hundi kan Rabbiiti, nagaafi rahmanni Ergamaa Rabbii irratti haa jiraatu, akkasumas warra isaanii, waahellan isaanii fi nama qajeeluma isaani qabate irrattillee haa jiraatu.

Falfalli dilii gurguddoo irrahi, akkasuma torban nama balleessitu tan Rabbiifi Ergamaan isaa-nagaafi rahmanni irratti haa jiraatu- isii irra fagaachuutti nama ajajan irraahi, falfalli yeroo kana keessatti faca'ee bifa addaa addaa fi akkaataa garaagaraatiin muldhateera, yeroo garii maqaa filmiiwwan kakaasoo waliin maqaa jeequmsaa fi gammchiisuutiin, yeroo garii immoo zuhdii fi karaamaa himachuun, yeeroo garii immoo girdoo ruqiyaa shari'aa jalatti dhokatee, yeroo garii immoo maqaa yaala aadaatii fi daggaloowwaniin dawaa godhachuu fakkatee muldhachuu fi kanneen biroo bifa garaa garaa fi karaa garaa garaa kan falfalli ittiin beekamu, namoota wallaalloo fi beekumsa amantii hin qabne irratti dhokatu irraa taheen.

Kitaabni muftii walii gala biyya suudii arabiyyaa, hoogganaan garee ulamaa'ota gurguddoo fi waajjira qorannoo fi fatwaa kabajamoo sheek Abdulaziiz ilma abdallaah ilma baazii -Rabbin rahmata isaaniif haa godhuu- kan murtii falfalaa ibsuu, kan isa irraa sodaachisuu fi murtii warra raaga bira dhaquu ibsu karaa laafaa taheen, ragaa sharia'aa Qur'aanaa fi Hadiisa nabiiyyii -nagaa fi rahmanni irratti haa jiraatu-qulquluu taheen walitti hidhame waan of keessaa qabuuf ministeerri dhimma isalaamaa, owqaafaa, da'awaa fi qajeelfamaa kitaabicha kana maxxansuu fi raabsuu murteesse.

Kiitaabni kabajamoo kun murtii falfalaa, warra raagdotaa fi falfalootaatti dhaqu ibsuu keessatti qabsoo isaa tan barakaa taate irraa, namoota gara toltuu fi amantii hubatutti waamuu keessatti gahee bahannaa isaa kan hedduu fi itti fufaa ta'e keessaa qooda tokkotti ilaalama, akkasumas murtiiwwan adda addaa ifa galchuu, badiiwwan irraa sodaachisuu, isii irraahis akeekkachiisuu, muslimtootaaf nasiihaa gochuu, kitaaba Rabbii kabajamaa fi sunnaa nabiiyyii filatamaa -nagaa fi rahmanni irratti haa jiraatu- gara qabachuutti isaan waamuu, karaa warra gaggaarii darbanii irra deemuu fi waan sanaan ala jiru kan akka yaadolee, adeemsa fi aqiidaawwan badoo ta'an

dhiisuu keessatti qabsoo isaa tan barakaa taate fi gahee bahannaa itti fufaa ta'e keessaa qooda tokkotti ilaalama.

Kuni waan biyyi barakaa qabdu tunii fi hooggantoonni isii qajeeloon irratti adeemaniidha, Rabbiin ol ta'e sana irratti isii haa raggaasisu, sababaawwan gargaarsaa, milkii fi tumsaa isiidhaaf haa miijjeessu, barreessaa kitaabichaas kabajamoo sheekicha hayyuu mindaa toltuu isaaniif mindeessee sawaabas isaaniif haa baayyisu.

Akkasumas nama kitaabicha dubbise, ykn dhageefate, ykn isa laale isaan akka fayyadu, nu hundumaa gara kitaabaa fi sunnaa qabachuutti akka nu qajeelchu Rabbiin kadhanna, akkasumas jillinoowwan sheexaanaa fi karaa isaa irraa akka nu fageessu Isa kadhanna, Inni dhugumatti abbaa sanaatii fi irratti danda'aadha, Rabbiin isuma qofaatu gara karaa sirriiti nama qajeelcha, Rabbiin rahmataa fi nageenya Nabiyyii keenya Muhammad, maatiiwwanii fi waahillan isaanii hunda irratti haa buusu.

Abdullah ilma Abdulmuhsin al-turkii

Ministeera dhimmoota islaamaa, awqaafaa, da'awaa fi qajeelchaa

Murtii falfalaa, raagaa fi waan isiin wal qabatuu

]1[

Faaruuu gaggaariin hundi kan Rabbiiti, rahmannii fi nageenyi Nabiiyyii Nabiiyyiin isaan booda hin jirre irratti haa ta'u, Eegasii:

Dhiyeenya kana falfalootaa fi warri karaa falfalaatiin, ykn raagaatin yaala himatan baayyachuu, biyyoota garii keessatti faca'uu isaanitii fi namoota dadhaboo wollaalummaan isaan injifatetti fayyadamuu isaanii ilaaluun Rabbii fi gabrootan isaatiif nasiihaa gochuuf jecha waan isa sana keessa jiru dararaa guddaa islaamaa fi muslimtoota irra gahu ifa godhuu murteesseera, sababni isaas waan isa keessa waan Rabbiin ala jirutti of rarraasuu, ajaja Rabbiiti fi ajaja Ergamaa Isaa -*nagaa fi rahmanni irratti haa jiraatu*- faallessuun waan jiruuf jecha.

Rabbii ol ta'een gargaarsifadhee nan jedha: Wal dhabbii tokko malee dawaaw godhachuun ni eeyyamama, muslimaaf gara ogeessa fayyaa dhukuba keessaa, ykn qalanii yaaluu, ykn dhukkuba hiddaa, ykn waan kana fakkatanii deemuun ni eeyyamama; dhukuba isaa ilaalee haala beekumsa yaala fayyaa keessatti beekuun dawaaw eeyyamamaa isaaf ta'uun akka

yaaluuf jecha; dhugumatti sun sababoowwan baratamoo ta'an geessisuu irraa waan ta'eefi, Rabbiin irratti hirkachuun waan wal faallessuu miti, dhugumatti Rabbiin -qulqullaa'e ol ta'e, dhukkuba buusee dawaa isaas isa waliin buuseera, sana namni bare isa bare, kan wallaales isa wallaale, garuu Inni - qulqullaa'e- dhugumatti fayya gabroottan isaa waan isaan irratti haraama taasisse keessatti hin goone.

Dhukkubsataaf dhibee isaa baruuf jecha gara raagdota beekumsa fagoo dhokataa ta'e himatanuu bira deemun hin baqqa'u, akkuma waan isaan itti himan dhugoomsuun isaaf hin baqqaanetti, sababni isaas isaan waan fagoo dhokataa ta'e sobaan dubbataniifi, ykn waan barbaadan irratti isaan gargaarsifachuuf jecha jinnii of biratti walitti qabu, warri kun yoo beekumsa waan fagoo dhokataa ta'e beekuu himatan murtiin isaanii kufrii fi jallina, Musilim sahiha isaa keessatti dhugumatti akka odeessetti: **Nabiyyiin -rahmataa fi nageenyi isaan irra haa jiraatu-** ni jedhan:(namni raagaa bira deemee waan tokko irraa isaa gaafate guyyaa afurtamaaf salaanni isaa isaaf hin qeebalamtu)Abuu hureyraa irraa odeeffame - Rabbiin irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhan:(Namni

raagduutti dhaqee waan inni jedhu dhugoomse dhugumatti waan Muhammad -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- irratti buufametti kafareera).Abuu daawudiitu odeesse, warri sunanaa afranis baasan, Haakim iimmoo Nabiyyii irraa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hadiisa kana sahiha godhee jira jecha jedhuun:(Namni nama waan fagoo himatuutti, ykn raagduutti dhaqee waan inni jedhu dhugoomse dhugumatti waan Muhammad -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- irratti buufametti kafareera).Imraan ilma huseen irraa odeeffame -Rabbiin isarraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhan jedhe:(Namni hooddate, ykn isaaf hooddatame, ykn raage, ykn isaaf raagame, ykn falfale, ykn isaaf falfalame nurraayyii miti, namni raagduu bira dhaqee waan inni jedhu dhugoomse dhugumatti waan Muhammad -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- irratti buufametti kafare).Bazzaartu sanada bareedaa ta'een isa odesse.Hadiisota kabajamoo kanneen keessatti warra waan fagoo himatu, raagdota, falfalootaa fi fakkaattota isaanii bira dhaquu fi isaan gaafatanii waan isaan jedhan dhugoomsuu irraa nama dhoorguu fi nama waan san hojjate

akeekkachiisuutu jira, dirqamni itti gaafatamtootaa, warra Rabbiin irratti herregatanii fi kanneen biroo namoota dandeettii fi aangoo qaban irratti raagdota, warra waan fagoo himatanii fi fakkaattota isaanii bira dhaquu dhoorguu fi suuqotaa fi bakkoota birootti namoota waan sana irratti bobba'an dhoorguudha, akkasumas isaani fi namoota gara isaaniitti dhaqan haala jabaan isaan mormuu fi dhoorguudha. Waan garii keessatti dhugaa dubbachuu isaniitii fi namoonni isaan bira dhaqan heddummachuu isaanitiin gowwoomuun hin barbaachisu, sababni isaas isaan waan wallaalloo ta'aniif namni biroo isaaniiin gowwoomuun hin barbaachisu; Ergamaan -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- isaan bira dhaquu, isaan gaafachuu fi isaan dhugoomsuu irraa dhugumatti waan dhoorganiifi, sababni isaas waan isa keessatti badii guddoo, balaa jaba fi boodni fokkataan waan jiruufi, jarrinis dhugumatti sobdoota, yakkamtoota waan ta'aniifi. Akkasumas hadiisota kanneen keessa ragaa kafaruu raagduu fi falfaltuutu jira, sababni isaas isaan beekumsa waan fagoo itti gahuu hin dandeenye waan himatanuufi, sun immoo kufriidha, akkasumas isaan jinnii tajaajiluu fi Rabbiin gaditti isaan gabbaruun malee waan fedhanitti gahuu waan hin dandeenyefi, sun immoo Rabbitti

kafaruu fi isatti qindeessuudha, namni himannaa isaanii kan beekumsa waan fagoo keessatti isaan dhugoomse akkuma isaanii ta'a, akkasumas hundi nama wontootii kana nama isii hojjatu irraa fudhatee dhugumatti Ergamaan Rabbii isa irraa qulqullaa'aniiru –nagaa fi rahmanni irratti haa jiraatu–. Waan isaan yaala jedhaniif ajajamuun muslimaaf hin baqqa'u, sun waan wal xaxaa hin beekamneen akka sassaraaruu isaaniiti, ykn rasaasa facaasuu fi waan qabatama hin qabne kan isaan hojjatanii fi kan sana fakkaatan, dhugumatti kun raagaa fi namootatti fakkeessuudha. Namni sana jaallate dhugumatti kufrii isaanii fi badii isaanii irratti isaan gargaare. Akkasumas muslima tokkoof ilmi isaa eenyuun akka fuudhu gaafachuuf, ykn firri isaa, ykn jaalalaa fi amanamummaa, ykn diinummaa abbaa manaa, haadha manaa fi maatii isaanii lameen gidduutti ta'u gaafachuuf isaan bira deemuun hin baqqa'u.

Akkasumas addaan bahuu fi waan sana fakkaatan gaafachuun hin ta'u; sababni isaas inni kun dhugumatti waan fagoo Rabbiin malee homtuu beekuu hin dandeenye irraa waan ta'eefi.

Falfalli waan haraamaa kufrii taate irrahi, akkuma Rabbin - injifatee guddate- dhimma malaa'ikaa lamaan irraa suuraa al-baqaraa kessatti jedhetti:

﴿وَاتَّبَعُوا مَا تَتْلُوا الشَّيْطِينُ عَلَىٰ مُلْكِ سُلَيْمَانَ ۗ وَمَا كَفَرَ سُلَيْمَانُ وَلَا كَانَتْ
الشَّيْطِينُ كَفَرُوا يُعَلِّمُونَ النَّاسَ السِّحْرَ وَمَا أُنزِلَ عَلَى الْمَلَكَيْنِ بِبَابِلَ هِرُوتَ
وَمُرُوتَ وَمَا يُعَلِّمَانِ مِنْ أَحَدٍ حَتَّى يَقُولَا إِنَّمَا نَحْنُ فِتْنَةٌ فَلَا تَكْفُرْ ۗ فَيَتَعَلَّمُونَ
مِنْهُمَا مَا يُفَرِّقُونَ بِهِ بَيْنَ الْمَرْءِ وَزَوْجِهِ ۗ وَمَا هُمْ بِضَارِّينَ بِهِ مِنْ أَحَدٍ إِلَّا
بِإِذْنِ اللَّهِ وَيَتَعَلَّمُونَ مَا يَضُرُّهُمْ وَلَا يَنْفَعُهُمْ ۗ وَلَقَدْ عَلِمُوا لَمَنِ اشْتَرَاهُ مَا لَهُ فِي
الْآخِرَةِ مِنْ خَلْقٍ وَلَبِئْسَ مَا شَرَوْا بِهِ أَنْفُسَهُمْ لَوْ كَانُوا يَعْلَمُونَ ﴿١٠٢﴾﴾ [البقرة: 102]

Malaa'ikooni) lamaan nama tokkos odoo "nuti mokkoroof dhufnee hin kafarinaa" hin jedhin (sihrii) hin barsiisanu, (namoonnis malaa'ikoota) lamaan irraa waan ittiin dhiirsaa fi niitii addaan baasan baratu, isaanis nama tokko hayyama Rabbiitiin ala kan miidhan hin taane, waan isaan miidhuu malee isaan hin fayyadne baratan, dhugumatti isaan (yahuudonni) akk warri isa(sihrii) bitate Aakhiraatti qooda hin qabne sirriitti baraniiru, odoo kan beekan ta'anii wanti isaan lubbuu isaanii itti gurguran waa fokkate!}²

1 Suuraa Al-baqaraa, aayata: 102.

2 Suuraa Al-baqaraa, aayata: 102.

Aayatni tun dhugumatti falfalli kufrii akka ta'ee fi falfaltoonni dhiirsaa fii niitii akka adda basanitti akeekte, akkasumas falfalli fayyaduu fi miidhuu keessatti ofii isaatii dhiibbaa hin qabuudha akeekte, inni dhiibbaa uumu kan danda'u eeyyama Rabbii kan uumamaatii fi qadaraatiini, sababni isaas Rabbiin -qulqullaa'ee ol ta'e- isuma qofaatu toltuu fi hamtuu uume waan ta'eefi, sababa warra kijibdoota beekumsa kana mushrikoota irraa dhaalani warra sammuu isaanii dadhabduu taate irratti wal fakkeessanii kanaatiin dhugumatti miidhaan guddatee jira, balaanis jabaatee jira, Nuti kan Rabbiiti gama isaatis deebi'oodha, ga'aan keenya Rabbi, Inni gabrichi dhimma isaa gara isaa hirkifatu waa tole. Ammas Aayatattiin kabajamtuun tun warri falafala baratan dhugumatti kan isaan baratan waan isaan miidhu malee waan isaan fayyaduu mitii fi isaanis Rabbiin biraa qooda (hiree fi carraa) tokkollee akka hin qabne akeekte, kuni sodaachisa guddaa duniyaa fi aakhiraa keessatti jabina hoongoo isaanii agarsiisudha, isaan dhugumatti lubbuu isaanii gatii akkaan rakasaatti gurguraniiru, kanaaf Rabbin -qulqullaa'ee ol ta'e- sana irratti isaan arrabse, jecha isaatiin:

﴿وَلَيْسَ مَا شَرُّوا بِهِۦٓ أَنْفُسَهُمْ لَوْ كَانُوا يَعْلَمُونَ﴾ [البقرة: 102]

{Odoo kan beekan ta'anii, wanti isaan lubbuu isaanii itti gurguran waa fokkate}.

Bittaa kan asitti jedhame akka afaan arabaatti hiikkan isaa gurgurtaadha.

Hamtuu falfalootaa, raagdotaa fi hunda fakkeessitootaa irraa nageenyaa fi fayyaa Rabbiin kadhanna, akkasuamas muslimtoota hamtuu isaanii irraa akka isaan eeguuu fi hooggantoota muslimaa isaan irraa sodaachuu fi murtii Rabbi isaan irratti hojii irra oolchuutti akka isaan qajeelchu Isa kadhanna, akka garboottan miidhaa isaanii fi hojiiwwan isaanii fokkatoos irraa boqotaniif jecha, dhugumatti Rabbiin arjaa kennaadha.

Dhugumatti Rabbiin gabroota isaatiif hamtuu falfalaa irraa odoo hin argamin duratti waan ittiin of tiksan karaa godhee jira, akkasumas Rabbiin -qulqullaa'e-rahmata isa irraa ta'e isaaniif godhuuf jecha, gara isaanitti tola ooltummaa isa irraa ta'ee fi qananii isaa isaan irrati guutuuf jecha falfalli eega argameehis waan ittiin yaalamu isaaniif ifa godheera.

Waan itti aanu keessatti wantootii ittiin balaa falfalaa irraa odoo hin argamin duratti of eeganii fi eega argamellee

wantootii shari'aadhaan eeyyamamoo ta'an kan ittiin yaalan ifa gochuutu jira.

Osoo namatti hin argaminiin dura wanti ittiin balaa falfalaa irraa of eegan keessaa jabaanii fi irra faayda qabeessi sanaa inni: azkaara, kadhannaawwanii fi maganfannaawwan shari'aatiin of tiksuudha, sana keessaa Aayat al- kursii eega azkaara salaamataan booda karaa godhameetii duuba hunda salaata waajibaatii qara'uudha, ammas sana keessaa yeroo hiriibaaf deeman isii qara'uudha, Aayat al-kursiin qur'aana kabajamaa keessatti irra guddoo aayaati, isiinis jecha Rabbii quulqulla'eti:

﴿اللَّهُ لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ الْحَيُّ الْقَيُّومُ لَا تَأْخُذُهُ سِنَّةٌ وَلَا نَوْمٌ لَهُ مَا فِي السَّمَوَاتِ وَمَا فِي الْأَرْضِ مَنْ ذَا الَّذِي يَشْفَعُ عِنْدَهُ إِلَّا بِإِذْنِهِ يَعْلَمُ مَا بَيْنَ أَيْدِيهِمْ وَمَا خَلْفَهُمْ وَلَا يُحِيطُونَ بِشَيْءٍ مِّنْ عِلْمِهِ إِلَّا بِمَا شَاءَ وَسِعَ كُرْسِيُّهُ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ وَلَا يَئُودُهُ حِفْظُهُمَا وَهُوَ الْعَلِيُّ الْعَظِيمُ﴾³ [البقرة: 255]

³ Suuraa al-baqaraa, Aayaa: 255.

Rabbiin isa malee haqaan gabbaramaan hin jiru; (inni) jiraataadha; waan hundaan dhaabbataadha; mugaatiis ta'ee hirriibni isa hin qabu, wanti samii keessa jiruu fi dachii keessa jiru (hundi) kan isaati; inni hayyama isaatiin ala namni Isa biratti madantaa namaa seenuu eenyu? Rabbiin waan fuuldura isaaniitii fi waan duuba isaaniis ni beeka; beekumsa Isaa irraa waan Inni fedheen malee hin marsanu; kursiin isaa samii fi dachii irra bal'ateera; isaan lamaan tiksuun Isa hin dadhabsiisu; Inni ol ta'aa, guddaadha}.

Ammas Sana keessaa:

﴿قُلْ هُوَ اللَّهُ أَحَدٌ﴾ [الإخلاص: 1]

{Qul huwa Allaahu ahad}

iidha, hiikni isaas: "jedhi: inni Allaahii tokkicha", akkasumas

﴿قُلْ أَعُوذُ بِرَبِّ الْفَلَقِ﴾ [الفلق: 1]

{Qul A'uuzu birabbi al -falaq}

iidha, hiikni isaas: "jedhi gooftaa bariittan maganfadha akkasumas"

﴿قُلْ أَعُوذُ بِرَبِّ النَّاسِ﴾ [الناس: 1]

{Qul A'uuzu birabbi al-naas},

iidha, hiikni isaas: "jedhi gooftaa namaattin maganfadha", salaata dirqamaa hunda boodatti qara'uudha, akkasumas suurota sadeen kenneen yeroo sadi jalqaba guyyaa salaata fajrii boodatti, jalqaba halkanii salaata magriibaa boodattii fi yeroo hirriibaaf deeman qara'uudha, ammas sana keessaa Aayaa lameen dhuma suuraa al-baqaraa jalqaba halkanii irratti qara'uudha. isaan lameenis jecha Rabbii ol ta'eeti

﴿ءَامَنَ الرَّسُولُ بِمَا أُنزِلَ إِلَيْهِ مِنْ رَبِّهِ ۚ وَالْمُؤْمِنُونَ كُلٌّ ءَامَنَ بِاللَّهِ
وَمَلَئِكْتِهِ ۚ وَكُتُبِهِ ۚ وَرُسُلِهِ ۚ لَا نُفَرِّقُ بَيْنَ أَحَدٍ مِّنْ رُّسُلِهِ ۚ وَقَالُوا سَمِعْنَا وَأَطَعْنَا
عُفْرَانَكَ رَبَّنَا وَإِلَيْكَ الْمَصِيرُ﴾⁴ [البقرة: 285]

⁴ Suraa al- ikhlaas, Aayaa: 1.

"Ergamaan waan gooftaa Isaa irraa gara isaatti buufametti amaneera; mu'uminoonnis hundumtuu Rabbitti, malaa'ikota Isatti, kitaabota isattii fi ergamtoota isaatti amananiiru. "nuti ergamtoota Isaa irraa tokkos adda hin baafnu, nuti dhageenye; ajajamnes; goftaa keenya araarama kee (barbaanna) deebiinis garuma keeti" jedhan}.⁵ Hanga xumura suraatti"^{6*7}

Dhugumatti Ergamaa Rabbii irraa –Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu– sahiha ta'eera, isaan akkana jechuun:(Namni halkan tokko keessatti Aayat al–kursii qara'e tiksaan Rabbiin irraa isaaf ta'e isa irraa hin deemu, sheyxaannis isatti hin dhihaatu hanga bariifatutti).Akkasumaa isaaan irraa – Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu–sahiha ta'eera, akkana jechuun:(Namni Aayaa lameen xumura suuraa al–baqaraa halkan keessatti qara'e isaan lameen isaaf gayoodha).Hiikaan isaa –**Rabbumaatu beeka**_ hamtuu hunda irraa isaaf gayan jechuudha, Akkasumas sana keessaa Rabbitti

⁵ Suuraa Al-falaq, Aayaa: 1.

⁶ Suuraa Al-naas, Aayaa: 1.

⁷ Suuraa Al-baqaraa, Aayaa: 285.

maganfachuu heddummeessuudha (Hamtuu Inni uume irraan jecchootii Isaa kan guutuu ta'aniin) halkanii fi guyyaa keessatti, akkasumas yeroo iddoo bakka qubsuma wahii qubatan keessatti, ykn barahaa keessatti, ykn qilleensa irratti, ykn bahra keessatti, Nabiyyiin Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu- waan akkana jedhaniifi:(Namni iddoo qubsuma wahii qubatee akkas jedhe: "A'uuzu bi kalimaatillaahi attaammaati min sharri maa khalaq" jechuunis: jecchootii Rabbii kan guutuu ta'aniinin maganfadha hamtuu inni uume irraa, hanga iddoo qubannaa isaa sana irraa godaanutti homaa isa hin miidhu).Sana keessaa muslimni jalqaba guyyaatii fi jalqaba halkanii keessatti yeroo sadii akkana jechuudha:(Bismillaahi allazii laa yadurru ma'a ismihii shey'un fil ardi walaa fi assamaa'i wahuwa assamii'ul aliim), jechuunis: maqaa Rabbii isa maqaa isaatiin homtuu dachii fi samii keessatti miidhuu hin dandeenyeen, Inni (Rabbiin) dhagayaa, beekadha, jechuudha.Gara waan kanaatti kakaasuun Ergamaa Rabbii irraa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu- waan sahiha ta'ee jiruu fi sun dhugumatti hunda hamtuu irraa najaa bahuuf sababaa waan ta'eefi.Azkaarrii fi maganfannaaleen kunneen hamtuu sihrii fi hamtuuwwan biroo irraa eeggachuuf sababoota irraa guddaa

irraayyi, nama dhugaan, iimaanaan, Rabbitti amanuun, Isa irratti hirkachuu fi qoma ballaan ganaamaa fi galgalatti isii eeggatee irratti cicheef, akkasumas isiin booda falfalli argameetiis isa deemsisuu keessatti irra jabaa waraanaati, cucumma'anii of gadi qabani Rabbiitti iyyaachuu heddummesuu fi akka miidhaa fi rakkina kaasu isa kadhachuun waliin. Dhukkuboota sihrii fi kan biroo yaaluuf jecha kadhanna Nabiyyii irraa -Rabbiin rahamataa fi nageenya isa irratti haa buusu- dhufan keessa kan isaan isiin sahaabotaaf yaala (ruqyaa) godhaa turan: (Yaa Rabbii ilma namaa, rakkina deemsi, fayyisi situ fayyisaadha, fayya kee malee fayyaan biraa hin jiruu, fayya dhukkuba hin dhiifne) Yeroo sadi isii jedha, sana keessaa ruqyaa Jibbra'il isiidhaan Nabiyyiif yaala godhaa tureedha -Rabbiin rahamataa fi nageenya isa irratti haa buusu- isiin jecha isaati: (Maqaa Rabbiitiinan si yaala (ruqyaa siif godha) hunda waan azaa si godhuu fi hamtuu hunda lubbuu irraa, ykn ija inaaffistuu irraa, Rabbiin si fayyisa, maqaa isaatiinan si yaala) Sana yeroo sadi irra haa deebi'u. Ammas yaala sihrii keessaa eega inni argamee, inni yaala faayda qabeessaa namichaaf, yeroo niitii isaatiin qunnamtii saalaa gochuu irraa ittifametti, sidrii magariisa irraa baala torba fudhatee,

dhagaadhaan ykn waan biraatiin daakee meeshaatti godhee, bishaan hanga dhiqannaaf gahu itti naqee, Aayat al-kursii, (Qul yaa ayyuhal kaafiruun) ⁸, (Qul huwa Allaahu ahad) ,⁹ (Qul A'uuzu birabbil falaq) ,¹⁰ (Qul A'uuzu birabbinnaas) ¹¹fi Aayatoota sihrii kan suuraa Al-a'araaf keessa jiran irratti qara'a, isaanis jecha Isaati:

﴿ وَأَوْحَيْنَا إِلَىٰ مُوسَىٰ أَنْ أَلْقِ عَصَاكَ ۚ فَإِذَا هِيَ تَلْقَفُ مَا يَأْفِكُونَ ﴿١١٧﴾ فَوَقَعَ الْحَقُّ وَبَطَلَ مَا كَانُوا يَعْمَلُونَ ﴿١١٨﴾ فَعُلِبُوا هُنَالِكَ وَانْقَلَبُوا صَٰغِرِينَ ﴿١١٩﴾ ﴾¹² [الأعراف:
[119-117

⁸ Suuraa al-kaafiruun, Aayaa:1.

⁹ Suuraa Al- ikhlaas, Aayaa:1.

¹⁰ Suuraa Al-falaq, Aayaa:1.

¹¹ Suuraa Al-naas, Aayaa:1.

¹² Suuraa Al-a'araaf, Ayaa:117-119.

(Gara muusaatti "ulee kee darbi" (jechuun) beeksisa goone, achumaan isheen waan isaan kijiban ni liqimsiti, Dhugaan ni mirkanaa'e; wanti isaan hojjataa turan ni bade, Achitti ni injifataman; salphattoota ta'anii deebi'an) ¹³Akkasuma Aayatoota suuraa Yuunus.

keessa jiran, isaan jecha Isaati –qulqullaa'e:

﴿وَقَالَ فِرْعَوْنُ أَتُنُونِي بِكُلِّ سَاحِرٍ عَلِيمٍ ﴿٧٩﴾ فَلَمَّا جَاءَ السَّحَرَةُ قَالَ لَهُمْ مُوسَىٰ أَلْقُوا مَا أَنْتُمْ مُلْقُونَ ﴿٨٠﴾ فَلَمَّا أَلْقَوْا قَالَ مُوسَىٰ مَا جِئْتُمْ بِهِ السِّحْرُ إِنَّ اللَّهَ سَيُبْطِلُهُ إِنَّ اللَّهَ لَا يُصْلِحُ عَمَلَ الْمُفْسِدِينَ ﴿٨١﴾ وَيُحِقُّ اللَّهُ الْحَقَّ بِكَلِمَاتِهِ وَلَوْ كَرِهَ الْمُجْرِمُونَ ﴿٨٢﴾﴾ ¹⁴ [يونس: 79-82]

¹³ Suuraa Yuunus, Aayaa : 79-82.

¹⁴ Suuraa Xaahaa, Aayaa:65-69.

(Fir'awni ni jedhe: "cufa falfalaa beekaatiin natti kottaa". yeroo falfaltoonni dhufan, Muusaan isaaniin ni jedhe: "waan darbuu feetan darbaa". yeroo isaan darban Muusaan ni jedhe: "wanti isin isaan dhuftan falfala, dhugumatti Rabbiin isa balleessuuf jira, dhugumatti Rabbiin dalagaa badii hojjattootaa hin tolchu" Odo badii raawwattoonni jibbanillee, Rabbiin dhugaa jechoota Isaatiin ni mirkaneessa)

Akkasuma Aayatoonni suuraa Xaahaa kessaa jiran, isaanis:

﴿قَالُوا يَا مُوسَىٰ إِمَّا أَنْ تُلْقِيَ وَإِمَّا أَنْ نَكُونَ أَوَّلَ مَنْ أَلْقَىٰ﴾ ﴿٦٥﴾ قَالَ بَلْ أَلْقُوا
فَإِذَا جِبَالُهُمْ وَعِصِيُّهُمْ يُخَيَّلُ إِلَيْهِ مِنْ سِحْرِهِمْ أَنَّهَا تَسْعَىٰ ﴿٦٦﴾ فَأَوْجَسَ فِي نَفْسِهِ
خِيفَةً مُّوسَىٰ ﴿٦٧﴾ فَلَمَّا لَا تَخَفُ إِنَّكَ أَنْتَ الْأَعْلَىٰ ﴿٦٨﴾ وَالْقِيَامَ فِي يَمِينِكَ تَلَقَّفْ مَا
صَنَعُوا إِنَّمَا صَنَعُوا كَيْدُ سَاحِرٍ وَلَا يُفْلِحُ السَّاحِرُ حَيْثُ أَتَىٰ ﴿٦٩﴾ [طه: 79-82]

(Yaa Muusaa! ati darbachuu yookiin jalqaba nama darbuu nuti tahuu(filadhu)" jedhaniin. Muusaanis "lakkisaa isinummaan darbaa!" jedhe, battalumatti haadni isaanii fi uleen isaaniis falfala isaanii irraa kan ka'e waan fiigdu itti fakkeeffame. Muusaa lubbuu isaa keessatti sodaan itti uumame. "hin sodaatin! dhugumatti ati sumaatu mohaa" jenneen. "waan mirga kee keessa jiru darbi! waan isaan dalagan ni liqimsitii, wanti isaan dalagan hundi tooftaa nama falfala hojjatuuti, namni falfala hojjatu bakkuma dhufetti hin milkaa'u").

Eega waan dubbatame kana bishaanitti qara'anii isa irraa hammaarri sadi ni dhugama, waan hafeen immoo ni dhiqatama, sanaan dhukkubni deema yoo Rabbiin fedhe, yeroo lamaa fi isaa ol fayyadamuu haajaan yoo itti jiraate rakkoo hin qabu, hanga dhukkubni deemutti.

Ammas yaala falfalaa keessaa -inni akkaan fayyadaa yaala isaati- bakka falfalaa beekuuf tattaaffii taasisuudha, dachii keessatti, ta'uu ykn gaara keessatti ykn bakkeewwan biroos

yoo ta'e, yeroo baramee baafamee balleeffame falfalli sun fashalaa'e.

Wantoolee ittiin falfala irraa ittiin of eeganii fi ittiin yaallatan keessaa kun waan ibsuun isaa laafeedha. Rabbiitu abbaa towfiiqaati.

Hojii falfalaa isa gorraasuun ykn waan biraa kanneen ittiin dhihaataniin gara jinniitti dhihaachuun yaaluun immoo hin baqqa'u; sababni isaas inni waan hojii sheexaana ta'eefi, inumaayyuu shirkii akkaan gurguddoo irraayyi. Kanaafuu dirqamni sana irraa of eeguudha, akkasuma raagdota, warra beekumsa waan fagoo himatanii fi gowwoomsitoota gaafachuun yaaluun hin baqqa'u, akkasuma waan isaan jedhan fayyadamuunis hin baqqa'u, sababni isaas waan isaan hin amanneefi, waan isaan kijibdoota yakkamtoota beekumsa waan fagoo himatanii namootatti wal fakkeessan ta'aniifi, dhugumatti Ergamaan –Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu– jaratti dhaquu, isaan gaafachuu fi isaan dhugoomsuu irraa akeekkachiisaniiru, akkuma jalqaba irratti kitaabicha kana keessatti ibsi sanaa darbee jirutti. Dhugaadhaan Ergamaa Rabbii irraa –Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu– sahiha ta'ee jira, isaan falfala

falfalaan hiikuu irraa gaafatamanii akkana jechuun:(Isiin dalagaa sheexaanaa irraayyi)Imaamu Ahmadii fi Abuu daawudiitu sanada gaarii ta'een odeessan.Nushraa jechuun isiin: nama falfalli itti dalagame irraa falfala falfalaan hiikuudha. Nushraan Rasuulli –Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu– baanan isiin: Nushraa warri wallaalumma itti dalagaa turaniidha, isiinis: falfala hiikuuf jecha falfalaa gaafachuu ykn falfalaa biraa irraa falfala akka isaatiin falfla hiikuudha.

Ruqyaa, maganfannaa shari'aa fi dawaawwan eeyyamamoo ta'aniin falfala hiikuun immoo akkuma darbee jirutti rakkoo hin qabu, Ibnu al-qayyim dhugumaan sana addeesseera, akkasumas Sheykh Abdurrahmaan ilmi Hasan kitaaba fathul majiida keessatti sana dubbateera– rahamanni Rabbii isaan irra haa jiraatu– akkasumas ulamaa'iin biroo illee waan sana ibsaniiru.

Muslimootaaf dhukkuba hunda irraa akka fayyaa kennu Rabbiin kadhanna, akkasumas amantaa isaanii akka isaan irratti eegu, isa hubatuu akka isaaniif kennuu fi hunda waan shari'aa faallessuu irraa akka isaan tiksuu Rabbuma qofatu kadhatamaadha. Rabbiin rahmataa fi nageenya gabricha Isaa

fi ergamaa Isaa Muhammad irratti haa buusu, akkasumas
maatii isaanitii fi waahillan isaanii irrattis haa buusuu.

Falfala haati manaa abbaa manaa irratti gootu

]16[

Abdulaziz ilma Abdallaa ilma baaz irraa gara teessoo obboleessa kabajamootti ...nageenyi Rabbii, **rahmanni isaatii fi barakaan isaa isin irratti haa jiraatu**, eegasii:

Kitaabni keessan kan guyyaa akkanaa (guyyaan hin dubbatamne) na qaqqabeera, Rabbiin qajeeluma isaatiin isin haa qaqqabu, wanti inni of keessatti qabatelleen na qaqqabe, sun yeroo niitii kee haarawa waliin wal qunnamtii saalaa gochuu feeteetti waan si mudate, akkasuma gara sheykhaatti deemuu keetii fi waan inni ittiin fatwaa siif godhee fi waan niitiin kee durii hojjatte hojii niitii kee haarawa waliin wal qunnamtii saalaa akka hin gooneef kan sababa sitti ta'eedha, gaaffiin kee murtii sanaa irraa kan gaafatte beekamaa ture.

Deebiin: Niitiin kee durii dhugaan yoo kan hojii kana amantee jiraatte yoo ta'e, yookaan ragaadhaan isii irratti kan ragga'e yoo ta'e, dhugumaan badii guddaa hojjattee jirti, inumaayyuu kufrii fi jallina hojjatte; sababni isaas waan hojiin isii kun falfala haraamaa ta'eefi, akkuma Rabbiin -qulqullaa'e-jedhee jirutti falfalaan kaafira.:

﴿وَاتَّبَعُوا مَا تَتْلُوا الشَّيْطِينُ عَلَىٰ مُلْكِ سُلَيْمَانَ ۗ وَمَا كَفَرَ سُلَيْمَانُ وَلَا كَفَرَ
الشَّيْطِينُ ۗ كَفَرُوا يُعَلِّمُونَ النَّاسَ السِّحْرَ وَمَا أُنزِلَ عَلَى الْمَلَكَيْنِ بِبَابِلَ هِرُوتَ
وَمِرُوتَ ۗ وَمَا يُعَلِّمَانِ مِنْ أَحَدٍ حَتَّى يَقُولَا إِنَّمَا نَحْنُ فِتْنَةٌ فَلَا تَكْفُرْ ۗ فَيَتَعَلَّمُونَ
مِنْهُمَا مَا يُفَرِّقُونَ بِهِ بَيْنَ الْمَرْءِ وَزَوْجِهِ ۗ وَمَا هُمْ بِضَارِّينَ بِهِ مِنْ أَحَدٍ إِلَّا
بِإِذْنِ اللَّهِ وَيَتَعَلَّمُونَ مَا يَضُرُّهُمْ وَلَا يَنْفَعُهُمْ ۗ وَلَقَدْ عَلِمُوا لَمَنِ اشْتَرَاهُ مَا لَهُ فِي
الْآخِرَةِ مِنْ خَلْقٍ وَلَبِئْسَ مَا شَرَوْا بِهِ أَنْفُسَهُمْ لَوْ كَانُوا يَعْلَمُونَ ﴿١٠٢﴾﴾ [البقرة: 102]

{Waan sheyxaanonni bara mootummaa Suleymaan keessatti qara'aa turan hordofan, Suleymaan is hin kafarre, Garuu sheyxaanonni sihrii fi waan malaa'ikoota lamaan Haaruutii fi Maaruut irratti Baabilitti buufame nama kan barsiisan ta'anii kafaran, Isaan (malaa'ikoonni) lamaan nama tokkos odoo ".

Nuti morkoroo dhufnee hin kafarin" hin jedhin (sihrii) hin barsiisanu, (Namoonnis malaa'ikoota) lamaan irraa waan ittiin dhirsaa fi niitii addaan baasan baratu, Isaanis nama tokko hayyama Rabbiitin ala kan miidhan hin taane, Waan isaan miidhuu malee isaan hin fayyadne baratan, Dhugumatti isaan

¹⁵ Suuraa Al-baqaraa, Aayaa:102.

(yahuudonni) akka warri isa (sihrii) jijjiirrate Aakhiratti qooda hin qabaanne sirritti beekaniiru, Odoo kan beekan ta'anii, wanti isaan lubbuu isaanii itti gurguran waa fokkate }Aayatni kabajamtuun kun falfalli dhugumatti kufrii akka ta'e, falfalaan kaafira akka ta'ee fi wanti falfaltoonni baratan waan isaan miidhu malee waan isaan fayyaduu mitii nama argisiifti, akkasumas kaayyoon isaanii dhiirsaa fi niitii adda baasuu akka ta'ee fi guyyaa qiyaamaa Rabbiin biraa qooda tokkollee akka hin qabne argisiifti, akkas jechuun milkii keessa homaa hiree hi qabanu jechuudha. Hadiisa sahiha Ergamaa Rabbii irra ta'e keessatti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu- akkana jedhan:(Torbaan balleessituu taate irraa fagaadhaa). Ni jedhame: yaa Ergamaa Rabbii maal isaan? Rasuullis -nagaa fi rahmanni irratti haa jiraatu- akkana jedhanii deebisan:(Rabbitti waan biraa qindeessuudha, falfala hojjachuudha, lubbuu Rabbiin ajjeedhaa isii haraama godhe haqaan maletti ajjeesuu, dhala nyaachuu, qabeenyaa ilmaan abbaa hin qabnee nyaachuu, jihaadaaf bahani lola keessaa dheessuu fi dubartoota tikfamoo, sagaagalummaa irraa dagatoo fi mu'umintoota ta'an maqaa balleessuudha).

Sheektichi dawaa siif kenne sun immoo akka muldhatutti akkuma dubartitti innis dhugumatti falfalaadha; sababni isaas falfaloota malee hojii falfalaa irra ga'uu waan hin dandeenyeefi, innis raagdota beekumsa waan fagoo hedduu himatuun beekamoo ta'anirraayi, muslima irratti dirqamni jara irraa of eeguu fi beekumsa fagoo isaan himatan keessattis isaan dhugeessuu dhiisuudha. Jecha Nabiyyiitiif jecha - Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu:(Namni nama beekumsa waan fagoo himatu bira dhaqee waan tokko irraa isa gaafate halkan afurtamaaf salaati isaa hin qeebalantu) Halkan) Muslimtu sahiha isaa keessatti gabaase. Nabiyyiin - Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu- ammas akkana jedhan:(Namni nama beekumsa waan fagoo hinmatutti, yookaan raagduutti dhaqee waan inni jedhu dhugoomse, dhugumatti waan Muhammad -Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu- irratti bu'etti kafaareera).

Dirqamni sirratti jiru gara Rabbii deebi'uu fi waan sirraa argametti gaabbuudha, akkasumas hoogganaa dhaabbataa, yookaan hoogganaa mana murtiitti sheykhticha dubbatamee fi niitii kee durii san himuudha, dhaabnii fi manni murtii

adabbii jara deebisu akka hojjataniif jecha, fuulduraaf immoo taateen akkasii yoo si mudate ulamaa'ii shari'aa gaafadhu, dawaa shari'aa akka siif himanuuf jecha. Nu'ii fi sillee Rabbiin diinii hubachuu, isa irratti ragga'uu fi waan isa faallessu irraa naga bahuu nuuf haa kennu, inni kennaa arjaadha.

Nageenyi, **rahmannii Rabbii fi barakaan Isaa isin irra haa jiraatu.**

Murtoo falfaltoota fi gowwoomsitoota gaafachuu [18]

Gaaffii: obbolessa maqaan isaa gabjeen ibsame: S. A. B. Riyaad irraa gaaffii isaa keessatti akkas jedha: garii naannoo Yaman keessatti namoota (Al-saadah) iedhamanii waamamantu jiru, jarreen kun wantoota amantiin wal faallessan dalagu, akka sha'wazaa (sihrii fi maloota addaa addaatiin nama gowwoomsuu) fi kanneen biroo faa, akkasumas dhibeewwan irraa fayyuu jabaatu irraa nama fayyisuu dandeenya jedhanii himatu, sana irratti cuubeen of waraanuu yookaan arraba ofii kutaanii eegasii miiddhaan jaratti qaqqabuun maletti deebisuu ragaa godhatu, jarreen kun isaan irraa kan salaatu fi kan hin salaannes jira. Akkasumas fira isaanii kan hin ta'in irraa fuuchuu lubbuu ofiitiif halaala taasisan, nama biraatiif immoo nama tokkoofuu fira isaanii irraa fuuchuu halaala hin taasisani, yeroo dhibamtootaaf du'aa'ii godhanutti: (yaa Rabbi yaa ebelu) akaakayyuu isaanii keessaa tokko. Duratti namoonni jara guddisan, namoota salphaa akka hin taanetti isaan ilaalan, akkasumas jarri warra Rabbitti dhihooti jedhanii yaadani, inumaayyuu jarri dhirootii Rabbiiti jedhanii waamani, garuu yeroo ammaa

namoonni waa'ee isaanii keessatti qoodamanii jiru: isaan irraa kan jara mormuutu jira, isaan tuuta dargaggoo fi garii barattootaati, ammallee isaan irraa kan jara qabachuu irraa duuba hin jenneetu jira, isaan kunneen maanguddootii umuriin deemanii fi warra hin baratini. Dhimma kana irratti dhugaa ifa gochuu kabjamoo keessan irraa barbaanna. Deebii: jarreen kunii fi fakkaattonni isaanii tuuta suufiyyoota isaannan hojiiwwan jibbamtuu fi sochiiwwan badduu qaban irraayi, ammas isaan tuuta warra beekusa waan fagoo himatan isaannan Nabiyyiin –Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu– isaan ilaalchisee akkas jedhan irraayi: (Namni nama beekusa waan fagoo himatu bira dhaqee waan tokko irraa isa gaafate guyyaa afurtamaaf salaanni isaaf hin qeebalamtu). Sun beekumsa fagoo dhokataa ta'e himatuun, jinnii tajaajiluu isaanitiin, isaanis gabbaruunii fi gosooowan falfalaa kan Rabbiin seenaa Muusaa fi fir'own keessatti jedhe irraa waan hojjatan namootatti wal fakkeessuuni:

﴿قَالَ الْقَوُّوُ فَلَمَّا الْقَوُّوُ سَحَرُوا أَعْيُنَ النَّاسِ وَأَسْتَرْهَبُوهُمْ وَجَاءُوا بِسِحْرِ

عَظِيمٍ ﴿١١٦﴾ [الأعراف: 116]

¹⁶ Suuraa Al- a'araaf, Aayaa:116.

Darbadhaa jedheen (Muusaan), Yeroma isaan (funyoo isaanii) darbatan ija namootaa falfalanii isaan sodaachisan, falfala guddaanis dhufan). Isaan bira daquu fi isaan gaafachuun hin baqqa'u;

Hadiisa kabajamaa kanaa fi jecha isaatiif jecha -Rabbiin rahamataa fi nageenya isa irratti haa buusu-:(Namni raagduutti dhaqee waan inni jedhu dhugoomse dhugaan waan Muhammad -Rabbiin rahamataa fi nageenya isa irratti haa buusu- irrati bu'etti kafareera). Jecha biraatiin ammoo:(Namni nama beekumsa waan fagoo himatu yookaan raagduutti dhaqee waan inni jedhu dhugoomse dhugaan waan Muhammad -Rabbiin rahamataa fi nageenya isa irratti haa buusu- irrati bu'etti kafareera).

Rabbiin malee waan jiru kadhachuun isaanii fi waan Rabbiin malee jiru birmachiifachuun isaanii, yookaan abbootiin isaaniitii fi dura darbitoanni isaanii uumama kana keessatti akka fedha isaanii dalagan jechuun isaanii, yookaan dhukkubsattoota fayyisan jechuun isaanii, ykn du'oo ta'uu isaanii waliin yookaan halaala jiraachuu isaanii waliin kadhaa ni qeebalu jechuun immoo kun hundi isaatuu Rabbii guddatti kafaruu irraayi, akkasuma shirkii gurguddoo irraayi, dirqamni

jiru isaan irratti mormuu, isaanitti dhaquu dhiisuu fi isaan dhugoomsuu dhiisuudha, sababni isaas waan isaan hojii kanaan keessatti gidduu dalagaa raagdotaati fi warra beekumsa waan fagoo himatuuti fi gidduu dalagaa mushriktoota gabbartoota waan Rabbiin malee jiruu fi dalagaa warra waan Rabbiin malee jiru birmachiifatanii fi warra waan Rabbiin malee jiru irraa gargaarsa barbaadanii walitti waan qabataniifi, jinnii, du'oo fi kenneen biroo kan isaanitti of hirkisan kan isaan abboota keenyaa fi dura buutota keenya jedhanii himatan irraa, yookaan namotaa biroo kan waliyyummaa fi karaamaa qaban jedhanii himan irraa, dhugumaan hundi kunuu hojiiwwan gowwoomsitootaa, hojiiwwan raagdotaatii fi warra beekumsa waan fagoo himatan kan shari'aa qulqulluu keessatti jibbamtoota ta'anii irraayi.

Sochiiwwan isaan irraa argamu jibbamoona akka Aalbeen of waraanuu yookan arraba isaanii kutuu immoo, kun hunduu namootatti wal fakkeessuudha, hundi isaatuu gosoota falfalaa haraama ta'e kan keeyyattoonni Qur'aanaa fi Hadiisaa irraa isa harramsuu fi isa irraa akeekachisuun dhuftedha, akkuma darbee jirutti, namni sammuu qabu sanaan gowwoomuun hin

barbaachisu, kun fakkaataadhuma waan Rabbiin falfaloota fir'own irraa jedheeti:

﴿قَالَ بَلْ أَلْقَوُا فَيَاذَا جِبَالُهُمْ وَعِصِيُّهُمْ يُخَيَّلُ إِلَيْهِ مِنْ سِحْرِهِمْ أَنَّهَا

تَسْعَى﴾¹⁷ [طه: 66]

{(Uleewwann isaanii) falfala isaanii irraa kan ka'e waan fiigdu (bofa) itti fakkeeffama}¹⁸

Isaan kun dhugumaan gidduu falfalaa, gowwoomsaa, raagaa, waa beeksisuu fi gidduu shirkii gurguddoo, waan Rabbiin malee jiru gargaarsifachuu, waan Rabbiin malee jiru birmachiifachuu akkasuma gidduu beekumsa waan fagoo himachuu fi beekumsa uumamaa keessatti akka fedha isaaniittii sochiin gochuu himachuu isaanii walitti qabataniiru, isiin kun gosoota hedduu shirkii gurguddoo fi kufrii ifa galaa irraayi, akkasuma hojiiwwan gowwoomsitootaa isii Rabbiin haraama godhee fi beekumsa fagoo Rabbiin malee eenyunuu hin bekne himachuu irraayi. Rabbiin –qulqullaa'e– akkuma jedheetti:

¹⁷ Suuraa Xaahaa, Aayaa: 66.

¹⁸ Suuraa Al-namli, Aayaa: 65.

﴿قُلْ لَا يَعْلَمُ مَنْ فِي السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ الْغَيْبَ إِلَّا اللَّهُ وَمَا يَشْعُرُونَ أَيَّانَ

يُبْعَثُونَ﴾ [النمل: 65]

{Wanti samii fi dachii keessaa hunduu Rabbiin malee wanta fagoo hin beeku}".

Kanaafuu dirqamni hunda muslimoota haala isaanii beekuu irratti jiru isaan irratti mormuu, sochii isaanii badaa kana ifa galchuu fi dhugumaan badii akka taates ibsuudha, akkasumas dhimma isaanii hooggantootatti dhiheessuudha.

Biyyoota islaamaa keessa yoo ta'an shari'aan waan haqa godhataniin akka adabamaniif, hamtuu isaanii kutuu fi muslimtoota badiiwwan isaanii fi fakkeessaa isaanii irraa eeguuf jecha.

Rabbuma qofaatu abbaa milkiiti.

Ogeessa fayyaa aadaa kan jinniitti dhimma ba'u biratti yaalamuu

Gaaffii: akka haasawa isaaniitti namoota garii irraa kan yaala aadaatiin dawaa godhantu jiru, yeroon gara tokkoo isaanii wahiif dhaqu akkas naan jedhe: maqaa keetii fi maqaa haadha keetii barreessi ergasii boru nutti deebi'i jedhe, yeroo namtichi itti deebi'u akkas isaan jedhu: ati waan kanaa fi kanaan hubamtee jirtaa dawaan kees kanaa fi kana jedhuun, isaan irraa tokko ni jedha: yaala keessatti jecha Rabbii fayyadama, warra akka kanaa ilaalchisee yaadni keessan maali? murtoon gara jaraa deemuu maali? maqaa gaafataa gabajeen s.a.g. Haa'il.

Deebii: namni yaala isaa keessatti waan kana fayyadamu wanti kun jinniitti dhimma ba'uu isaatii fi beekumsa waan fagoo himachuu isaa irratti ragaadha, kanaafuu isa biratti yaalamuun hin baqqa'u, akkuma isa bira dhaquunii fi isa gaafachuunis hin eeyyamamnetti; sababni isaas Nabiyyiitiin – Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu- namoota gosa akkasii ilaalchisanii waanakkana jedhaniifi:(Namni nama beekumsa waan fagoo himatu bira dhufee waan tokko irraa isa gaafate halkan afurtamaaf salaati isaf hin

qeebalmtu).Muslimtu sahiha isaa keessatti gabaase.Akkasumas Hadiisota hedduu keessatti raagdota, warra waa beeksisanii fi falfaloota bira dhaquu irraa dhoorguun, akkasumas isaan gaafachuu fi isaan dhugoomsuu irraa dhoorguuni Isaan -Rabbiin rahamataa fi nageenya isa irratti haa buusu- irraa argamee jira, kunoo akkana jedhan:(Namni raagduutti dhaqee waan inni jedhu dhugoomse waan Muhammad -Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irra tti haa buusu- irratti buufametti dhugaan kafareera).Hundi nama cirracha rukutuun yookaan waan bahra keessa bahu fannifachuun yookaan dachii irratti sassararuun yookaan dhukkubsataa maqaa isaatii fi maqaa haadha isaa yookaan maqaa firootan isaa gaafachuun beekumsa dhokataa himachuun, hundi waan sanaa dhugumatti inni warra beekumsa waan fagoo himatanii fi raagdota isaannan Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irra tti haa buusu- isaan gaafachuu fi dhugoomsuu irraa dhoorgan sana irraa ta'uu isaa irratti ragaadha.

Kanaafuu dirqamni isaanii fi isaan gaafachuu irraa of eeguudha, akkasuma isaan biratti yaalamuu irraa of eeguudha, Qur'aanaan yaaluu yoo kan himatan ta'ellee, aadaa warra

dharaa irraa nama irratti fakkeessuu fi nama gowwoomsuudha waan ta'eef jecha, waan isaan jedhan keessatti isaan dhugoomsuun hin baqqa'u, dirqamni nama jara irraa nama tokko baree, biyya hunda keessatti dhimma isaa gara bulchitootaa, abbaa murtii fi durabuutotaa fi wiirtuuwwan dhabbatootaatti beeksisuudha, akka murtoo Rabbiitiin isaan irratti murtaa'uuf jecha, akkasuma akka muslimtootiin hamtuu isaanii, badiiwwan isaaniitii fi qabeenya namaa dharaan nyaachuu irraa baraaramaniif jecha.

Rabbuma qofaatu gargaarsifataamaadha, mallii fi humni Rabbiin malee hin jiru.

Qoricha shari'aa falfalaaf(22)

Gaaffii :

Ulamaa tokko kan akkana jedhun dhagaye : namni falfalli isa irratti hojjatamuu shakke sidrii (qurquraa) irraa baala torba fudhatee eegasii meeshaa bishaanii keessa kaa'ee suuraa lameen mu'awwizaatii, Aayat al-kursii, suuraa {Qul Yaa Ayyuha Al-kaafiruun} jecha Isaa :

﴿وَمَا أَنْزَلَ عَلَى الْمَلَائِكِ بْنِ بَابِلَ هُرُوتَ وَمَرْوُتَ﴾ [البقرة: 102]

Wamaa Unzila Alal Malakeyni Bibaabila Haaruuta Wamaaruuta}¹⁹

Waan sheyxaanonni bara mootummaa Suleymaan keessatti qara'aa turan hordofan, Suleymaanis hin kafarre, Garuu sheyxaanonni falfalaa fi waan malaa'ikoota lamaan Haaruutii fi Maaruu irratti Baabil keessatti buufame namoota kan barsiisan ta'anii kafaran, Isaan (malaa'ikoonni) lamaan nama tokkos odoo "Nuti morkoroo dhufnee hin kafarin" hin jedhin (sihrii) hin barsiisanu } Malaa'ikoota lamaan baana:

¹⁹ Suuraa Al-baqaraa, Aayaa:102.. "

﴿ إِنَّمَا نَحْنُ فِتْنَةٌ فَلَا تَكْفُرْ ۖ فَيَتَعَلَّمُونَ مِنْهُمَا مَا يُفَرِّقُونَ بِهِ بَيْنَ الْمَرْءِ

وَرَجُلِهِ ﴿١٠٢﴾ ²⁰ [البقرة: 102]

(Isaan (malaa'ikoonni) lamaan nama tokkos odoo "Nutu moko-roof dhufnee hin kafarin" hin jedhin (sihrii) hin barsiisanu, Namoonnis malaa'ikoota lamaan irraa waan ittiin dhirsaafi niitii addaan baasan baratu, Isaanis nama tokko hayyama Rabbiitin ala kan miidhan hin taane}²¹

.Falfalli dhiibbaa ni qaba garuu eeyyama Rabbii kan uumamaa qadaraatiini, sababni isaas waan uumama keessatti wanti tokko murtoo Rabbiitii fi qadara isaatiin maalee hin taaneefi, garuu falfalli kun yaalaa fi qoricha ni qaba, dhugumaan Nabiyyii –Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu– irratti argamee jiras, Rabbiinis isa irraa qulqulleessee hamtuu isaa irraa isa baraareera, waan falfaltichi sun dalage arganiiru, fuudhamee balleeffamee jennaan Rabbiin Nabiyyii isaa sana irraa fayyise –rahmannii fi nageenyi isa irra haa jiraatu–Kunoo akkanatti wanni falfaltichi

²⁰ Suuraa Al-baqaraa, Aayaa:102

²¹ Suuraa Al- Al-aaraaf, Aayaa:117-119

dalage jibrii hidhuu irraa yookaan mismaara garii isaa gariitti hidhuu irraa yookaan kan sana malee jiru kan biroo irraas yeroo argame, wanni sun ni balleeffama, haala falfaltoota irraa isaan hidhaa keessatti tuttufanii isii irratti rurrukutani, yaadowwan isaanii fokkattuu saniif jecha, wanti isaan fedhan eeyyama Rabbiitiin guutuutu mala, akkasumas fashalaa'uutu mala, Rabbiin keenya waan hunda irratti dandahaadha -inni qulqullaaha ol ta'e- yeroo tokko tokkos falfalli quraanaan yaalama, sun namtichi falfalame yoo sammun isaa nagaan ta'e ofirratti qara'uunis ta'ee, yeroo tokko tokko immoo namani biraas isa irratti qara'uunis ta'u qoma isaa keessatti tuttufuun yookaan qaamota isaa irraa bakkuma ta'etti tuttufuun "suuraa faatihaa", "Aayat al-kursii", "Qul huwal Allaahu Ahad", "Qul A'uuzuu" lameen, Aayatoota sihrii beekamtuu "suuraa Al-araaf", "suuraa yuunusii" fi suuraa xaahaa irraa qara'uun yaalama, suuraa Al- Al-araaf keessaa jecha Rabbi ol ta'eeti:

﴿ وَأَوْحَيْنَا إِلَىٰ مُوسَىٰ أَنْ أَلْقِ عَصَاكَ ۖ فَإِذَا هِيَ تَلْقَفُ مَا يَأْفِكُونَ ﴿١١٧﴾ فَوَقَعَ الْحَقُّ وَبَطَلَ مَا كَانُوا يَعْمَلُونَ ﴿١١٨﴾ فَغَلِبُوا هُنَالِكَ وَانْقَلَبُوا صَٰغِرِينَ ﴿١١٩﴾ ﴾ [الأعراف: 22]

[119-117

²² Suuraa yuunus, Aayaa: 79-82

{Gara Muusaattis "ulee kee darbi" (jechuun) beeksisa goone, Achumaan isheen waan isaan kijiban ni liqimsiti. Dhugaan ni mirkanaa'e; wanti isaan hojjataa turanis ni bade. Achitti ni injifataman; salphattoota ta'anii deebi'an}²³

Suuraa yuunus irraa jecha Isaati -Inni qulqullaa'e

﴿وَقَالَ فِرْعَوْنُ أَتُنْتُونِي بِكُلِّ سَاحِرٍ عَلِيمٍ ﴿٧٩﴾ فَلَمَّا جَاءَ السَّحَرَةُ قَالَ لَهُمْ مُوسَىٰ أَلْقُوا مَا أَنْتُمْ مُلْقُونَ ﴿٨٠﴾ فَلَمَّا أَلْقَوْا قَالَ مُوسَىٰ مَا جِئْتُمْ بِهِ السِّحْرُ إِنَّ اللَّهَ سَيُبْطِلُهُ إِنَّ اللَّهَ لَا يُصْلِحُ عَمَلَ الْمُفْسِدِينَ ﴿٨١﴾ وَيُحِقُّ اللَّهُ الْحَقَّ بِكَلِمَاتِهِ وَلَوْ كَرِهَ الْمُجْرِمُونَ ﴿٨٢﴾﴾ [يونس: 79-82]

{Fir'awnis ni jedhe: “Cufa falfalaa beekaatiin natti koottaa.” Yeroo falfaltoonni dhufan, Muusaan isaaniin ni jedhe: “Waan darbuu feetan darbaa.” Yeroo isaan darban Muusaan ni jedhe: “Wanti isin isaan dhuftan falfala, dhugumatti, Rabbiin isa balleessuuf jira, Dhugumatti, Rabbiin dalagaa badii hojjattootaa hin

²³ Suuraa Xaahaa, Aayaa: 65-69

tolchu. Odoo badii raawwattoonni jibbanuu, Rabbiin dhugaa jechoota Isaatiin ni mirkaneessa.”}

Suuraa xaahaa irraa jecha Isaati -inni qilqullaa'e:

﴿قَالُوا يَمُوسَىٰ إِمَّا أَنْ تُلْقَىٰ وَإِمَّا أَنْ نَكُونَ أَوَّلَ مَنْ أَلْقَىٰ﴾ ﴿٦٥﴾ قَالَ بَلْ أَلْقُوا
فَإِذَا جِبَالُهُمْ وَعِصِيُّهُمْ يُخَيَّلُ إِلَيْهِ مِنْ سِحْرِهِمْ أَنَّهَا تَسْعَىٰ ﴿٦٦﴾ فَأَوْجَسَ فِي نَفْسِهِ
خِيفَةً مُّوسَىٰ ﴿٦٧﴾ قُلْنَا لَا تَخَفْ إِنَّكَ أَنْتَ الْأَعْلَىٰ ﴿٦٨﴾ وَأَلْقِ مَا فِي يَمِينِكَ تَلْقَفْ مَا
صَنَعُوا إِنَّمَا صَنَعُوا كَيْدَ سِحْرٍ وَلَا يُفْلِحُ السَّاحِرُ حَيْثُ أَتَىٰ ﴿٦٩﴾ [طه: 65-69]

{Yaa Muusaa! Ati darbachuu yookiin jalqaba nama darbuu nuti ta'uu (filadhu)” jedhaniin. (Muusaanis) “Lakkisaa; isinummaan darbaa!” jedhe, Battalumatti haadni isaaniifi uleen isaaniis falfala isaanii irraa kan ka'e waan fiigdu itti fakkeeffama. Muusaan lubbuu isaa keessatti sodaan itti dhaga'ame. “Hin sodaatin! Dhugumatti, ati sumaatu mooha” jenneen. “Waan mirga kee keessa jiru darbi! Waan isaan dalagan ni liqimsiti, Wanti isaan dalagan (hundi) tooftaa nama falfala hojjatuuti, Namni falfala hojjatu bakkuma dhufettuu hin milkaa'u}

Akkasuma suuraa {Qul Yaa Ayyuhal Kaafiruun} hanga dhuma isiitti, suuraa {Qul Huwa Allaahu Ahad}, {Qul A'uzuu Birabbi Al-falaq}, {Qul A'uuzu Birabbi al-naas} ni qara'a. Irraa caalaan suuraa Ikhlaasii (Qul Huwa Allaahu Ahad) fi mu'awwizataynii (Qul A'uuzuu) lamaan yeroo sadii irra deddeebi'uudhaan, ergasii fayya isaaf kadhata. Yaa Rabbii ilma namaa rakkina deemsisi, fayyisi ati fayyisaadha, fayya kee malee fayyi hin jiru, fayya dhibee hin dhiifne. kana yeroo sadii irra deddeebi'a. Akkasuma jecha isaatiin ruqyaa godhaaf: "maqaa Rabbiitiinan si yaala hunda waan azaa si godhuu irraa, hamtuu lubbuu hundaa irraa, yookaan ija inaaffisaa irraa, Rabbi si fayyisa", maqaa Rabbiitiinan si yaalaa jechuu yeroo sadii irra deddeebi'uun fayyuu fi fayyaa du'aa'ii kadhataaf, ruqyaa isaa keessatti yeroo sadii irra deddeebi'ee yoo akkana jedhe: "jechoota Rabbii guutuu taateenan hamtuu Inni uume irraa si tiksa" bareedaadha ta'a.

Kun hunduu dawaa fayyadaa irraayi, ruqyattii kanaa fi du'aa'ii kana bishaan keessatti qara'ee eegasii namni falfalli itti godhame isa irraa dhugee kan hafeen immoo yoo dhiqate kun sababoowwan fayyuutii fi fayyaa ta'a eeyyama Rabbiitiin, akkasuma sidrii (qurquraa) magariisa irraa baala torba booda

tumee bishaanitti yoo godhe kunis sababoowwan fayyuu keessaa tokko. Kun yeroo hedduu dhugumaan yaalamee Rabbiin isaan fayyadee jira, Nutis dhugumaan namoota hedduu waliin goonee Rabbiin sanaan isaan fayyadee jira, dawa faayida qabeessaa fi nama falfalli itti dalagameef fayyadaadha, akkuma kana dawaan kun nama niitii isaa irraa ittifameefillee ni fayyada, namni gariin niitii isaa irraa ittifamee isii waliin wal qunnamtii saalaa raawwachuu hin danda'u, yeroo ruqyattii kanattii fi du'aa'ii kanatti fayyadamett isa fayyada eeyyama Rabbiitiin, of irratti qara'us yookaan namni biraa isa irratti qara'us yookaan bishaanitti qara'ee isa irraa dhugee kan hafeen dhiqatus, hundi kanaatuu nama falfalli itti godhamee fi nama niitii isaa irraa ittifameef fayyadaadha fedhii Rabbiitiin. Tun sababoowaan irraayi, Rabbiin -qulqullaa'e ol ta'e- isuma qofaatu fayyisaadha, Inni waan hunda irrattis danda'aadha, dawa fi dhibeenillee harkuma Isaa -guddatee ol ta'e- jira, wanti hunduu murtoo isaatii fi qadara isaatiini, dhugaan Ergamaa Rabbii irraa -Rabbiin rahamataa fi nageenya isa irratti haa buusu- sahiha ta'ee jira, isaan akkana jechuun:(Dawa isaaf buusu malee Rabbiin dhukkuba tokko hin buufne, kan isa beeke isa beekke kan isa wallaales isa wallaale).

Kun tola Isa -qulqullaa'e- irraa ta'eedha, Rabbuma qofaatu nama woffaqa akkasuma isuma qofaatu gara karaa sirriitti nama qajeelchas.

Jinniin ilma namaatti seenuu ilaalchisee haqa ibsuu fi nama waan kana mormu irratti deebisuu[28]

Faaruu gaaggaariin hundi kan Rabbiiti, rahmannii fi nageenyi ergamaa Rabbii, maatii isaanitii fi sahaabota isaanii irratti haa ta'u.

Eegasii: gariin gaazexoolee biyya keessaatii fi kan biroo woggaa kana(1407) irraa baatii sha'abaanaa keessa hadiisoolee gaggabaaboo fi dhedheeroo dhugumatti raabsitee jirti, sun waan garii jinnii kan riyaditti garii shamarran muslimaa qabeen wol qabatee argame kan ana biratti islaamummaa qabachuu isaa labsate, eega obboleessa Abdullaah ilma Mushrif Al-amarii kan riyadiin jiraatu biratti labsateetii, booda namni dubbatame kun intala jinniin qabamte tana irratti qara'ee, jinnii haasofsiisee, Rabbiin isa yaadachiisee isa gorsee, zulmiin haraamaa fi badii guddoo akka ta'e itti hime, yeroo jinnichi akka kaafira buuzii ta'e itti himetti gara islaamaatti isa waamee, akka intalattii keessa ba'uuf isa waame, jinnichis waamicha sana itti amanee fudhatee Abdallaah dubbatame sana biratti islaamummaa isaa labse,Eegasii

Abdullaahiin dubbatamee fi itti gaafatamoonni intalattii, akkan islaamummaa labsachuu jinnichaa dhaga'uuf jecha, intalattii na bira fiduu kajeelan, achumaanis na biratti argamanii jennaan sababaa inni isiitti seneef gafadhee jennaan achumaan sababowwan natti hime, afaan intalaatiin dubbate garuu immoo inni jecha dhiiraati malee jecha dubartiitii miti, isiin kursii ana cinaa jiru irra jirti, obboleessii fi bboleettiin isii, Abdullaah ilmi Mushrif kan dubbatamee fi gariin sheekotiitis waan sana ilaalaa, jecha jinnichaa dhaga'aa turan. Dhugumaan jinnichi islaamumma isaa ifaan ifatti beeksise, hindii amantaa buuzii hordofaa akka ta'es hime, eegasii ani isa gorse sodaa Rabbii isaaf dhaame, akkasuma intala tana keessaa akka ba'uu fi isii miidhuu irraa akka fagaatu isa gorse, waan sana eeyyee naaf jedhee, akkana jedhe: "ani islaamummaa itti amaneen jira", eegasii booda Rabbiin isa qajeelcheetii hawaasa isaa gara isalaamummaatti akka waamu isaaf dhaame, toltuu waadaa seenee intala gadhiisee ba'e, jechi inni dhuma irratti isiin jedhes: Assalaamu alaykum jechuudha ture. Eegasii intalli afaan isii baramaan dubbatte, nageenyi isiitii fi dadhabbii isaa irraa boqachuun itti dhaga'ame, eegasii booda ji'a tokkootii yookaan sanaa oliitii obboleessa isii lama, obboleettii isiitii fi eessuma isii woliin natti deebite, akka gaarii taatee fi fayyaa

keessa jirtu akkasuma innis isiitti akka hin deebi'in natti himte -faaruun kan Rabbiiti- yeroo inni isii keessa jirutti waan isiitti dhaga'amaa ture irraa isii gaafannaan, akka yaadoleen fokkatoos shari'aa faallessan itti dhaga'amaa ture, gara amantaa buuziitti jallachuu fi kitaabolee isa irratti barreeffaman dubbisuun akka itti dhaga'amaa ture deebiste. Eega Rabbiin isa irraa nagaan isii taasise yaadoolettiin kunis isii irraa deemtee haala isii duraa kan yaadooletti jallattuu irraa fagoo taatetti deebite. Kabajamoo sheykh Alii axxaawiiin wanti akkasii argamuu mormuun isaa na gahee jira, inni gowwoomsaa fi soba jechuu dubbate, inni haasawa woraabamee intala wajjin jiru ta'uu mala, isiin sana hin dubbanne jedhe, dhugumatti kaaseeta haasaan isaa kun itti woraabame barbaadee waan inni dubbate isa irraa beekeera, dhugumatti sun kan woraabame ta'uutu mala jechuu isaa irraa hedduun raajame, ani ofii kootii gaaffii hedduu jinnii gaafadhee naaf deebisuu isaa wajjin, kun dogongora akkaan fokkataa fi badii karaa godhuu irraayi, akkasuma haasawa isaa kana keessatti harka ilma namaatti jinniin islaamummaa qabachuun jecha Rabbiin ol ta'ee seenaa Suleymaan irraa dubbate faallessa jedhee morme:

﴿قَالَ رَبِّ اغْفِرْ لِي وَهَبْ لِي مُلْكًا لَا يَنْبَغِي لِأَحَدٍ مِّنْ بَعْدِي إِنَّكَ أَنْتَ

الْوَهَّابُ ﴿٣٥﴾²⁴ [ص: 35]

"{Aangoo ana booda eenyuufillee hin malle naaf kenni}"

Kunis dogongora isa irraa ta'e ta'uun shakkii hin qabu - **Rabbiin isaa haa qajeelchu-**, ammas kun hubannoo dogongoraati; harka ilma namaatti islaamummaa qabachuu jinnii keessa wanti kadhaa suleymaan faalllessu hin jiru. Jinnii irraa tuutni hedduun dhugumatti harka Nabiyyiitti -**Rabbiin rahamtaa fi nageenya isa irratti haa buusu-** islaamummaa qabatanii jiru.

Dhugumatti Rabbiin suuraa Al-Ahqaafii fi suuraa Al-Jinni keessatti sana ifa galcheera, akkasuma hadiisa Abuu hureyraan Nabiyyii irraa odeesseen -**Rabbiin rahamataa fi nageenya isa irratti haa buusu-** sahiha lameen (MukHaarii fi Muslim) keesstti ragga'ee jira, isaan akkana jechuun:

(SHeyxaanni natti dhufee salaata addaan narraa kutuuf na dura darbee jennaan Rabbiin isa irra na aansee isa hudhe,

²⁴ Suuraa saad, Aayaa:35.

bultanii akka isa ilaaltaniif jecha utubaa masjiidaatti isa hidhuu dhugumatti yaadee, jecha obboleessa koo Suleymaan yaadadhe -nageenyi isa irra haa jiraatu-:

﴿قَالَ رَبِّ اغْفِرْ لِي وَهَبْ لِي مُلْكًا لَا يَنْبَغِي لِأَحَدٍ مِّنْ بَعْدِي إِنَّكَ أَنْتَ

الْوَهَّابُ﴾ [ص: 35]

30] ،{Rabbii kiyya naaf araarami, aangoo ana booda eenyuufillee hin malle naaf kenni} [30]

(Rabbiin haala xinnaataa ta'een isa deebise)

Kun jecha Bukhaariiti, jechi Muslim immoo:

DHugumatti jabaan jinnii irraa ta'e tokko halkan edaa salaata narratti kutuuf tasa narratti muldhatutti seene, Rabbiin dhugumatti isa irra na aansee isa hudhe, hundi keessan keessan bultanii ganama akka isa ilaaltaniif jecha utubaawwan masjiidaa irraa cinaa utubaa tokkootti isa hidhuu dhugumatti yaadee, eegasii jecha obboleessa koo Suleymaan yaadadhe:

﴿قَالَ رَبِّ اغْفِرْ لِي وَهَبْ لِي مُلْكًا لَا يَنْبَغِي لِأَحَدٍ مِّنْ بَعْدِي إِنَّكَ أَنْتَ

الْوَهَّابُ﴾ [ص: 35]

{Rabbii kiyya naaf araarami, mootummaa ana booda eenyuufillee hin malle naaf kenni} [31]

Rabbiin haala xinnaataa ta'een isa deebise).

Akkasumas Nasaa'iin ulaagaa Bukhaarrii irratti Aa'ishaa irraa odeesse –Rabbiin isii irraa haa jaallatu– dhugumatti Nabiyyiin –Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu– osoo salaataa jiranuu sheyxaanni isaanitti dhufe, Nabiyyiinis –Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu– isa qabanii kuffisanii isa hudhan, Ergamaan Rabbii –Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu– ni jedhan:

(Hangan qabbana arraba isaa harka koo irratti argutti, osoo kadhaan Suleymaan hin jirree silaa hidhamee bula akka namoonni isa arganiif jecha)

Ahmadii fi Abuu Daawuud hadiisa Abii Sa'iid irraa odeessan, isa keessa

(Harka kiyyaan gadi jedhee isa hudhuu hin dhiifne, hangan qabbana gorora isaa quba lameen kiyya abbudduu fi kan isiitti aantu gidduutti argutti),

Akkasumas Hukhaarin sahiha isaa keessatti ta'aliqa jala sararameen (mirkanaa'aa ta'een) baasee jira, boqonnaa:4 fuula 487 fathu al- baarii irraa, Abuu hureyraa irraa odeeffame – **Rabbi isa irraa haa jaallatu**– akkana jedhe:

(Ergamaan Rabbii –Rabbin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu– zakaam ramadaanaa eeguu irratti bakka bu'ummaa naaf kennan, dhufaan tokko natti dhufee midhaan irraa hammaarrachuu eegalee jennaan, isa qabeen wollaahii Ergamaa Rabbittan –Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu– si dhiheessan jedheen eegasii ni jedhe (hattuchi): "ani haajomaadha maatiin qaba akkasuma haajaa jabduutu natti jira", (Abuu hureyraan) gadin isa dhiise, eegasii yeroon bulee ka'u Ergamaan Rabbii –Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu– akkana jedhan:(Yaa Abaa hureyraa, booji'amaan kee edaa maal hojjate? anis akkanan jedheen: yaa Ergamaa Rabbii haajaa jabduu fi maatii himatee jennaan rahmata godheefii karaa isaaf gadi dhiise. (Ergamaa Rabbii):"inni sitti kijibee jira, ammas ni deebi'a". jecha Ergamaa Rabbiitiif jecha –Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu– akka inni deebi'u beekke isa eege, ammas midhaan irraa hammaaruu dhufee jennaan, isa qabeen

Ergamaa Rabbiittan –Rabbiin rahamataa fi nageenya isa irratti haa buusu– si dhiheessa jennaanin akkana jedhe: "na dhiisi ani haajamaadha maatiin qaba lammata hin deebi'u" akkas jennaan karaa isaaf gadi dhiise, bulee yeroon ka'u, Ergamaan Rabbii –Rabbiin rahamataa fi nageenya isa irratti haa buusu– akkana naan jedhan: "yaa Abaa hureyraa booji'amaan kee eda maal hojjate?" anis akkanan jedheen: yaa Eragamaa Rabbii haajaa jabduu fi maatii himatee jennaanan rahmata godheefii karaa isaaf gadhiise. ni jdhan (Ergamaa Rabbii):"dhugumatti sobee jira, ammas ni deebi'a". yeroo sadaffaaf isa nan eege, ammas dhufee midhaan irraa hammaarrachuu eegalee jennaanan isa qabee Ergamaa Rabbiittan –Rabbiin rahamataa fi nageenya isa irratti haa buusu– si dhiheessan jedheen, innis jedhe (hattichi): "jechoota Rabbiin isiidhaan si fayyadun si barsiisaa na dhiisi". nan jedhe (Abuu hureyraa): isiin maali? ni jedhe (hattichi):"yeroo gara firaasha keetiitti baate Aayat Al-kursii qara'i (Allaahu Laa ilaaha illaa Huwa al-hayyu al-qayyuum) hanga aayaa xumurtutti, dhugumatti eegaan Rabbiin irraa ta'e sirraa hin deemu, sheyxaannis sitti hin dhihaatu hanaga bultutti". akkana jennaanan karaa isaaf gadhiisee, bulee jennaan Ergamaan Rabbii –Rabbiin rahamataa fi nageenya isa irratti haa buusu– ni jedhan:(booji'amaan kee eda maal

hojjate?) nan jedhe (Abuu hureyraa): yaa Ergamaa Rabbii jechoota Rabbiin ittiin si fayyadun si barsiisa jennaanan karaa isaaf gadhiise, ni jedhan (Ergamaa Rabbii): "isiin maali?" nan jedhe: (Abuu hureyraa): "yeroo firaasha kee irra baate aayat Al-kursii jalqaba irraa hanga aayaa fixxutti qara'i naan jedhe (Allaahu Laa ilaaha illaa Huwa al-hayyu al-qayyuum),²⁵ kana gootee jennaan eegaan Rabbiin irraa ta'e sirraa hin deemu sheyxaannis sitti hin dhihaatu hanga bultutti", -akkaan bololaa turan khayrii irratti (sahaabota)- Nabiyyiin ni jedhan:"inni akkaan sobaa ta'uu woliin dhugaa siif hime, yaa Abaa hureyraa! eega halkan sadiitii eenyuun akka haasofsiisaa jirtu beektaa?) nan jedhan (Abuu hureyraa): lakkii hin beekuu, ni jedhan (Ergamaan Rabbii):(sun sheyxaana).^{26 *27}

Hadiisa sahiha Bukhaarii fi Muslim Safiyyaa -**Rabbiin isirraa haa jaalatu**- irraa odeessaniin Nabiyyiin -**Rabbiin rahamataa fi nageenya isa irratti haa buusu**- akkana jechuun dhugumatti himaniiru:(Sheyxaanni ilma namaa irraa karaa dhiigni yaa'u keessa yaa'a).

²⁵ Suuraa saad Aayaa:35.

²⁶ Suuraa Saad Aayaa:35.

²⁷ Suuraa Al-baqaraa, Aayaa:255.

Imaamu Ahmad musnada keessatti sanada sahiha ta'een odeessee, Usmaan ilmi Abil Aas -**Rabbiin isa irraa haa jaallatu**- ni jedhe: "Yaa Ergamaa Rabbi! sheyxaanni gidduu kiyyaa fi gidduu salaata kiyyaa seene, akkasumas gidduu kiyyaa fi qaraatii kiyyaa seeneera", ni jedhan (Rasuulli - **Rabbiin rahamataa fi nageenya isa irratti haa buusu-**):

(Sun sheyxaana khinzib isaan jedhamuudha, yeroo sitti dhagahame isa irraa Rabbitti maganfadhoo yeroo sadi karaa bitaa keetiitiin tufi, ni jedhe (Usmaan): "san hojjadhee jennaan Rabbiin -injifate ol ta'e- narraa deemsise").

Akkuma hadiisoolee sahiha ta'an keessatti Nabiyyii - **Rabbiin rahamataa fi nageenya isa irratti haa buusu-** irraa ragga'ee jirutti hunda ilma namaa waliin waahela malaa'ikaa irraa ta'ee fi waahela sheyxaanaa irraa ta'eetu jira, hanga Nabiyyii gayutti -**Rabbiin rahamataa fi nageenya isa irratti haa buusu-** haa ta'uu malee Rabbin isaan isa irratti gargaareetii islaamawee toltuutti malee isaan hin ajaju. Kitaabni Rabbi, sunnaan Ergamaa Rabbiitii -**Rabbiin rahmataa fi nageenya isa irratti haa buusu-** fi walii galteen ulamaa'ii jinniin ilma namaatti seenee isa kuffisuun akka jiru akeekaniiru, nama gara beekumsaatti of hirkisuuf akkamumatti beekumsaa fi

qajeelfama tokkoon ala sana mormuun baqqa'a? inumaayyuu garii worra bida'aa Ahlassunnaa wol jama'aa faallessan hordofuudhaani sana godhu, –Rabbiitu gargaarsifatama mallii fi dandeettiinis Rabbiin malee hin jiru-. yaa dubbistootaa! sana ilaalchisee haasawa worra beekumsa qabanuu irraa waan naaf laafeen isiniif dubbadha –yoo Rabbiin fedhe–.

Ibsa haasawa worra mufassirtootaa –Rabbiin isaan haa mararfatu– jecha Rabbii ol ta'ee keessatti:

﴿الَّذِينَ يَأْكُلُونَ الرِّبَا لَا يَقُومُونَ إِلَّا كَمَا يَقُومُ الَّذِي يَتَخَبَّطُهُ الشَّيْطَانُ

مِنَ الْمَسِّ ﴿٢٧٥﴾﴾²⁸ [البقرة: 275]

(Worri dhala nyaatan (guyyaa qiyaamaa) akka isa sheyxaanni maraatummaa irraa isa kukuffisu dhaabbatuutti malee hin dhaabbatanu)"

Abuu Ja'afar ilmi Jariir –**Rabbi rahamata isaf haa godhu-** tafiira jecha Rabbii ol ta'ee keessatti akkana jedhe:

²⁸ Suuraa Al-baqaraa, Aayaa:275.

﴿الَّذِينَ يَأْكُلُونَ الرِّبَا لَا يَقُومُونَ إِلَّا كَمَا يَقُومُ الَّذِي يَتَخَبَّطُهُ الشَّيْطَانُ

مِنَ الْمَسِّ ﴿٢٧٥﴾ [البقرة: 275]

"Worri dhala nyaatan (guyyaa qiyaamaa)"

akka isa sheyxaanni maraatummaa irraa isa kukuffisu dhaabbatuutti malee hin dhaabbatanu) Kan barreeffamni isaa akkas jedhu: "sanaan kan inni itti yaade, sheyxaanni duniyaatti of isa wollaalchisa, inni isa, isa hudhuu fi isa kukuffisuudha (isa tuquu irraa) maraatummaa irraa jechuudha.

Al-bagawiin –Rabbiin isaaf haa araaramu– tafiira Aayaa dubbatamtee kessatti akkana jedhe:

﴿وَحَرَّمَ الرِّبَا ﴿٢٧٥﴾ [البقرة: 275]

(Guyyaa qiyaamaa) akka isa sheyxaanni maraatummaa irraa isa kukuffisu dhaabbatuutti malee hin dhaabbatanu)"

²⁹ Suuraa Al-baqaraa, Aayaa:275.

³⁰ Suuraa Al-baqaraa, Aayaa:275.

Jechuun: maraatummaadha. namichi tuqame inni tuqamaadha jedhama, yoo maraataa ta'e. jechi isaa xumarame.

Akkasuma Ibnu kasiiris –**Rabbiin rahamata isaaf haa godhu-** tafiira Aayaa dubbatamtee keessati akkana jedhe:

﴿الَّذِينَ يَأْكُلُونَ الرِّبَا لَا يَقُومُونَ إِلَّا كَمَا يَقُومُ الَّذِي يَتَخَبَّطُهُ الشَّيْطَانُ

مِنَ الْمَسِّ ﴿٢٧٥﴾³¹ [البقرة: 275]

(Worri dhala nyaatan (guyyaa qiyaamaa) akka isa sheyxaanni maraatummaa irraa isa kukuffisu dhaabbatuutti malee hin dhaabbatanu)

Jechuun: guyyaa qiyaamaa qabrii isaani keessa akka namni gaggabe yeroo gaggabaa fi sheyxaanni isa kukuffisu dhaabbatutti malee hin dhaabbatan, sun inni dhaabbii jibbamaa ta'e dhaabbatuudha. Ibnu Abbaas –**Rabbiin isa irraa haa jaallatu-** akkana jedhe:(Namni ribaa nyaatu guyyaa qiyaamaa maraataa hudhamu ta'ee kaafama). Ibnu Abii Haatimtu odeesse, odeeffame jedhe.

³¹ Suuraa Al-baqaraa, Aayaa:275.

Awfi ilma maalik, Sa'iid ilma jubeyr, Assuddi, Arrabii'i ilma Anas, Qataadaa fi Muqaatil ilma hayyaan irraa kan sana fakkaatu odeeffamee jira. jecha isaa irraa wanti inni fedhe dhumeeti jira.

Akkasuma Qurxubiin -Rabbi rahmata isaaf haa godhu-tafsiira isaa keessatti jecha Rabbii ol ta'e ilaalchisee akkana jedhe:

﴿قَالُوا إِنَّمَا الْبَيْعُ مِثْلُ الرِّبَا وَأَحَلَّ اللَّهُ الْبَيْعَ وَحَرَّمَ الرِّبَا﴾³² [البقرة: 275]

(Worri dhala nyaatan (guyyaa qiyaamaa) akka isa sheyxaanni maraatummaa irraa isa kukuffisu dhaabbatuutti malee hin dhaabbatanu)"

Aayatattii tana keessa dogongora ta'uu mormaa nama gara jinniitiin gaggabuu mormee fi inni hojiidhuma uumamaati sheyxaanni ilma namaa keessa hin deemu, isa irraahis nama tuquun hin argamu jedhee mormu irratti ragaatu jira. jechi xumurame. Jechi mufassirtoota hiika kana keessatti hedduudha, namni isa barbaade isa ni argata.

³² Suuraa Al-baqaraa, Aayaa:275.

Sheykhu al-islam ibnu Teymiyyaan –**Rabbi rahamata isaaf haa godhu**– kitaaba isaa: (Iidaah Addalaalah Fii Umuumi Arrisaalah Lissaqaleyni) kan Majmuu'a Al-fataawaa boqonnaa 19 fuula 9 hanga 65 keessa jiru keessatti eega jecha darbeetii akkana jedhe: Kanaaf jecha mu'atazilaa irraa tuutni tokko, kan akka Al-jubbaa'ii, Abuu bakir arraazii fi kan biroo jinniin qaama nama gaggabuu keessa seenuu morman, jinniin jiraachuu hin mormine, waan Rasuula –nagaa fi rahmanni irratti haa jiraatu– irraa dhufe keessatti, ifa galuun kanaa akka ifa galuu kanaa waan hin ta'hiniif jecha, sana keessatti dogongoroo yoo ta'anillee. kanaaf Ash'ariin Maqaalaa Ahlassunnaa wol jamaa'aa keessatti akkas jedhe: isaan ni jedhani: jinniin qaama nama gaggabee keessa ni seena akkuma Rabbiin ol ta'e jedhe:

﴿الَّذِينَ يَأْكُلُونَ الرِّبْوَا لَا يَتَّقُونَ إِلَّا كَمَا يَقُومُ الَّذِي يَتَخَبَّطُهُ الشَّيْطَانُ﴾

33 [البقرة: 275] مِّنَ الْمَسِّ ﴿٢٧٥﴾

³³ Suuraa Al-baqaraa, Aayaa:275.

"(Worri dhala nyaatan (guyyaa qiyaamaa) akka isa sheyxaanni maraatummaa irraa isa kukuffisu dhaabatuutti malee hin dhaabbatanu)"³⁴

Abdullaah ibnu Ahmad ibnu Hanbal ni jedhe: Abbaa kootiin nan jedhe: namoonni wohii jinniin qaama ilma namaa keessa hin seenu jedhanii mormu, ni jedhe (Ahmad): yaa ilma koo isaan ni soban, inni isaatu arraba isaatiin dubbataa jira, kun bakka isaatti ballifamee dubbatameera. Ammas ni jedhe – Rabbi rahmata isaaf haa godhu– Al-fataawaa irraa boqonnaa 24 fuula 276–277 keessatti: Jinniin jiraachuun kitaaba Rabbii, sunnaa Rasuula Isaa –nagaa fi rahmanni irratti haa jiraatu– fi walii galtee salafaa (hawaasaa fi imaamoota isaanii) keessatti ragga'aadha, akkasuma jinniin qaama namaatti seenuunis walii galtee Ahlussunnaa wal jama'atiin ragga'aadha. Rabbiin ol ta'e akkana jedhe:

﴿الَّذِينَ يَأْكُلُونَ الرِّبَا لَا يَقُومُونَ إِلَّا كَمَا يَقُومُ الَّذِي يَتَخَبَّطُهُ الشَّيْطَانُ﴾

مِنَ الْمَسِّ ﴿٢٧٥﴾ [البقرة: 275]

³⁴ Suuraa Al-baqaraa, Aayaa:275.

"(Worri dhala nyaatan (guyyaa qiyaamaa) akka isa sheyxaanni maraatummaa irraa isa kukuffisu dhaabatuutti malee hin dhaabbatanu)

Sahiiha keessatti Nabiyyii irraa odeeffame –Rabbiin rahamataa fi nageenya isa irratti haa buusu–:(Sheyxaanni ilma namaa irraa karaa dhiigni yaa'u keessa yaa'a).

Abdullaah ibnu Ahmad ibnu Hanbal ni jedhe : Abbaa kootiin nan jedhe : namoonni wohii jinniin qaama ilma namaa keessa hin seenu jedhanii mormu, ni jedhe (Ahmad) : "yaa ilma koo isaan ni soban, inni isaatu arraba isaatiin dubbataa jira". Wanti inni jedhe kun dubbii beekamaadha, inni nama gaggabsee jennaan afaan hiika isaa hin beekneen dubbata, rukutaa cimaa osoo gaalli akkasitti rukutamee dhiibbaa guddaa isiitti godhuun qaama isaa rukuta, kanumaan waliin namni gaggabe rukutaa fi haasaan inni isa jedhu itti hin beekamu, gaggabaan kan hin

Gaggabin harkisuutu mala, akkasuma afata irraa taa'u ni harkisa, meeshaawwan ni jijjiira, bakkaa bakkatti ni sochoosa, kana malees wantoota biroo hojjata, nama isii ilaale kan arraba namaa irrati dubbataa jiru kan qaamolee gurguddoo kana

sochoosaa jiru, qaama biraa kan ilma namaa irraa hin tahin akka ta'e beekumsa dirqamaati qabsiisa.

Imaamoota Muslimaa keessa namni jinniin qaama gaaggabaa keessa seenuu mormu hin jiru, namni sana mormee shari'aan sana hin sobsiisa jedhe dhugumatti shari'aa irratti sobee jira, ragaa shari'aa keessa sana kan mormu hin jiru.

Imaam ibnu Al-qayyim -Rabbiin isaaf haa araaramu-kitaaba isaa (Zaad Al-ma'aad fii Hadyi Kheyri Al-ibaad) jedhu keessatti, juuza 4 fuula 66-69 tti ni jedhe : "gaggabbiin gosa lama : gaggabbii lubbuulee fokkattuu dachii irraa ta'ee fi gaggabbii waan walitti laaqamoo ajooftuu irraa ta'eedha, Kan lammaffaa : isa ogeessoliin fayyaa sababaa isaatii fi yaala isaa irraa dubbataniidha.

Gaggabbiin lubbuulee immoo : imaamootiin isaanii fi sammu qabeessi isaanii isa ni dhugoomsu hin deebisanu, yaalli isaas lubbuuwwan kabajamtuun filatamtuun gubbaa, lubbuuwwanittii hamtuu fokkattuu sana qunnamuudhaan dhiibbaa isii deebisti, hojii isii faallessitee balleesiti, waan sana Baqraax garii kitaabolee isaa keessatti ibseera, garii yaala

gaggabaas dubbatee akkas jedhe : kun kan inni fayyadu gaggabbii isa sababaan isaa

Wanta lallaaqamee fi wanta ta'eefi, gaggabbiin inni lubbuuwwan irraa ta'u immoo isaaf yaalli kun hin fayyadu.

Wallaaloon ogeeyyii fayyyaa, harcaatuun isaanii, gadi aantuun isaanii fi warri munaafiqtootaaf kabajaa yaadu, warri sun gaggabbii lubbuulee ni mormu, qaama gaggabaa irratti akka dhiibbaa gootus hin amananu, wallaalummaa malee homaa isaaniin waliin hin jiru, dubbiin akkas hin taane warshaa yaalaa keessa wanti kana deebisu hin jiru, qabatamnii fi uumamni kanatti ragaadha, sana gara irra guddaa garii waan lallaaqamee deebisuun isaanii inni garii qooddaa isaa keessatti dhugaadha malee hunda isii keessattii miti. Hanga jecha isatti itti fufe: ogeeyyooliin fayyaa munaafiqtoonni gaggabbii waan lallaaqamee qofa malee hin raggaasifne, namni sammuu qabuu fi waan lubbuuwwanittii kanaa fi dhiibbaa isii irraa beekumsa qabu wallalummaa warra kanaa fi dadhabina sammuu isaaniitti ni kolfa. Yaaliin gosa kanaa waa lamaan ta'a: wanti tokko kan karaa nama gaggabeetiin ta'a, kaan immoo karaa nama yaaluutiin ta'a, inni karaa nama gaggabeetiin ta'u jabina lubbuu isaa, gara uumaa lubbuulee tanaa fi ogeessa isiitti

dhugumaan deebi'uu isaati, akkasumas maganfannaa sirrii kan arrabnii fi qalbiin irratti tokko ta'aniidha. Kun gosa loluuti, lolaan diina isaa meeshaa waraanaatiin haaloo ba'achuun isaaf hin guutu waa lamaan malee: meeshaan waraanaa ofii isaatiif sirrii fi gaarii ta'uu fi hirreen jabaa ta'uudha, tokkoon isaanii yoo kan dhabamu ta'e meeshaan faayidaa hedduu hin qabaatu, lameenuu bakkatti yoo kan dhabamu ta'e immoo akkam ta'a?

Qalbiin tawhiida, tawakkula, sodaa Rabbii fi gara isaa deebi'uu irraa kan one ta'ee meeshaas kan hin qabne yoo ta'e akkam ta'a ?

Inni lammaffaa kan karaa nama yaaluutiin ta'u immoo : wantoonni lamaan kunis akka isa keessa ta'uufaa, hanga gariin warra yaalanuu jecha kana qofatti gabaabbatanitti : "Keessaa bahi" ykn ni jedha : "Bismillaah", ykn ni jedha : "Laa hawla walaa quwwata illaa billaah", Nabiyyiin –Rabbiin rahamataa fi nageenya isa irratti haa buusu– kan akkana jedhan ture:(Bahi yaa diina Rabbii ! ani Ergamaa Rabbiiti).

Sheykha keenya kan inni nama gaggabetti nama lubbuttii isa keessa jiirtu dubbachiisu ergun arge, ni jedha : sheykhni ba'i siin jedhe, kun siif halaala hin ta'u, achumaan gaggabaan

sunis of bara, ofumaa isaatiifis yeroo garii isii ni dubbisa, lubbuuttiin finciltuu taatee jennaan rukuttaan baasa, namni gaggabe sun of bara laalaanis itti hin dhaga'amu.

Nutii fi namoonni biroolleen waan sana deddeebinee dhugumatti argineerra, hanga akkas jedhetti : walii galatti gaggabduu irraa gosa kanaa fi yaala isaa nama beekumsa, sammuu fi hubannoo irraa qooda xiqqoo qabu malee isa hi mormu.

Irra hedduun weeraruu lubbuuwwan fokkattuu warra isirratti karaa amantaan isaanii xinnaachuu fi karaa qalbiin isaanii fi arrabni isaanii dhugaa zikrii, maganfannaa, dallaawwan nabiiyummaa fi iimaanaa irraa ona ta'uutiini, lubbuun fokkattuun namicha qofa galeessa haala meeshaan harka hin jirre ta'een argatti, qullaafaa ta'ee jennaan faa kun dhiibbaa isatti gochuutu mala. Haasawa isaa keessaa -**Rabbi rahmata isaaf haa godhu**- kan yaadame dhumate.

Jinniin ilma namaatti galuun sirrii ta'uudhaaf ragaa shari'aa fi wolii galtee worra beekumsa qabanuu ahlussunnaa wal jamaa'aa irraa waan dubbanneen, jechi nama sana mormee

dogongora ta'uunii fi sana mormuu keessatti dogongorri sheykh Alii axxaawii dubbistootaaf ifa gala.

Jecha isaa keessatti yeroo itti qajeelfametti gara haqaatti akka deebi'u waadaa galeera, booda waan dubbanne dubbiseetii qajeeluun isaa ni mala, nuu fi isaaf qajeelumaa fi tawfiiqa Rabbiin kadhanna. ammas waan dubbanneen wanti gaazexaan Annadwaa maxxansa isii hijraa 1407/10/14 fuula saddeet irratti kan doktoor Muhammad Irfaan irraa, akka jechi Maraatu jedhu kuusaa jechoota yaala fayyaa irraa dhokatteettii fi jinniin ilma namaatti seenee arraba isaa irratti dubbachuu mormuu isaa kan odeessite inni dhugumatti dhibbaa dhibbatti hubannoo saayinsii kan dogongoraa akka ta'e ni barama. Sun hundinuu kijiba beekumsa heeraa seera shari'aatii fi waan warri beekumsa qaban Ahlussunnaa wal jamaa'aa irraa murteessan irratti beekumsi xiqqaachuu irraa maddae, wanti kun hedduu ogeeyyoolii fayyaa jalaa yoo dhokate sun jiraachuu dhabuu isaa irratti ragaa hin ta'u, inumaayyuu sun waan namoonni biroo ulamaa'ii dhugummaa, amaanaa fi hubannoo diiniitiin beekaman irraa ta'an hubatan wallaaluu isaanii guddaa ta'e agarsiisa, inumaayyuu inni walii galtee Ahlussunnaa wal jamaa'aati,

akkuma sheykhu al-islam ibnu Taymiyyaan waan sana hunda warra beekumsaa irraa dabarsee jirutti, akkasuma Abu al-hsan al-ash'arii irraa akka inni waan sana ahlussunnaa wal jamaa'aa irraa dabarsee jirus dabarsee jira, akkasumas hayyichi Abuu Abdullaah Muhammad ibnu Abdullaah Ashibillii al-hanafiin kan hijraa irraa bara 799 tti du'es waan sana Abu al-hasan Al-ash'arii irraa dabarsee jira.

Kitaaba isaa keessatti : (Aakaam al-marjaan fii garaa'ib al-akhbaar wa ahkaam al-jaanni) kitaaba dubbatame kana irraa baaba shantamii tokkoffaa keessatti.

Haasawa ibnu Al-qayyim keessatti -**Rabbi rahamata isaaf haa godhu**- dhugumatti imaamooleen ogeeyyoolii fayyaatii fi sammu qabeessi isaanii sana akka dhugoomsanii fi akka isa hin deebifne, kan sana morme wallaaltota ogeeyyoolii fayyaa, gadi galoo isaanii fi munaafiqtoota isaanii qofa akka ta'an dhugumatti darbee jira. Yaa dubbisaa ! sana beekii haqa irraa waan dubbanne kana qabadhu, wallaaltota ogeeyyoolii fayyaatii fi kan birootiin hin gowwoomin, akkasuma nama dhimma kana irratti beekumsaa fi hubannoon malee dubbatu inumaa ogeeyyoolii fayyaa wallaaloo ta'anii fi warra bida'aa

mu'utazilaa fi kan biroo hordofuun kan dubbatuun hin
gowwoomin, Rabbumaatu gargaarsifatamaadha.

! Hubachiisa

Hadiisotii Ergamaa Rabii -Rabbiin rahamataa fi nagenya isa irratti haa buusu- irraa sahiha ta'anii fi haasawa warra beekumsa qabuu irraa wanni nuti dubbanne, jinnii haasofsiisuun, isa gorsuun, isa yaadachiisuun, gara islaamummaatti isa waamanii jennaan isa qeebaluun isaa waan Rabbiin ol ta'e Sulaymaan -rahmataa fi nageenyi isa irratti haa jiraatu- irraa suuraa Saad keessatti dubbateen akka wal hin faallessine dhugumatti akeekke jira. inni ni jedhe:

﴿قَالَ رَبِّ اغْفِرْ لِي وَهَبْ لِي مُلْكًا لَا يَنْبَغِي لِأَحَدٍ مِّنْ بَعْدِي إِنَّكَ أَنْتَ

الْوَهَّابُ﴾ [ص: 35]

{Rabii kiyya naaf araarami, aangoo ana booda eenyuufillee hin malle naaf kenni, dhugumatti ati sumaatu akkaan kennaadha}.

Akkasuma toltuutti isa ajajuun, hamtuu irraa isa dhoorguu fi yoo ba'uu dide isa rukutuun, hundi sanaatuu aayaa dubbatamte hin faallessu, inumaayyuu sun dirqama nama daangaa darbe deebisuu, miidhamaaf tumsuu, toltuutti ajajuu fi hamtuu irraa dhoorguu irraa lakkaa'ama akkuma waan sana

ilma namaatiin wajjiin hojjatutti.Hadiisa sahiha keessatti Nabiyyiin -Rabbiin rahamataa fi nageenya isa irratti haa buusu- akkana jechuun dhugumatti darbeera:(Hanga gororri isaa dhangala'uttan sheyxaana hudhe).harka isaanii kabajamtuu irratti-rahmannii fi nageenyi isaan irratti haa jiraatu-, ammas ni jedhan:(Osoo kadhaan obboleessa kiyya Suleymaan hin jirree silaa hidhamee buleera akka namni isa arguuf jecha).Riwaayaa muslim hadiisa Abbaa Dardaa irraa odeesse keessatti: Nabiyyiin -nagaa fi rahamanni irratti haa jiraatuu- akkana jedhan:(Diinni Rabbii ibliis fuula kootti kaa'uuf jecha qaanqee ibidda irraa ta'een dhufee jennaan, nan jedhe: Rabbittan yeroo sadi sirraa maganfadhha, eegasii nan jedhe: abaarsa Rabbii guutuu ta'eenan si abaara yeroo sadi -waan fedhe irraa booda hin jenne-, eegasii isa qabuudhaan yaade, Rabbiin kakadhee osoo kadhaan obboleessa kiyya Sulaymaan hin jiraannee silaa hidhamee bulee ijoolleen madiinaa kan ittiin taphattu ta'a ture).Yaada kana keessatti hadiisonni hedduudha, akkasuma haasaan warra beekumsa qabuus.

Nama haqa barbaaduuf waan dubbanne keessa waan ga'aa fi amansiisaan akka jiru abdiin qaba, maqoowwan Isaa akkaan

babbareedduu taatee fi sifaatowwan Isaa kan ol ta'aniin Rabbiin kadha, nuu fi muslimoota hundaa diinii Isaa hubachuu fi isa irratti ragga'uu akka nu waffaqu, akkasuma hunduma keenya jechootaa fi hojiiwwan keessatti haqa qunnamuu tola akka nutti ooluun Isa kadha, akkasuma nuu fi hunda muslimootaa beekumsaan malee Isa irratti dubbachuu fi waan beekumsi keenya itti hin qaqqabne mormuu irraa akka nu eegu, Isaatu abbaa sanaati, irrattiis danda'aadha.

Rabbiin rahmataa fi nageenya garbicha Isaa fi ergamaa Isaa kan ta'an Nabiiyyii keenya Muhammad irratti haa buusu, akkasuma maatii isaanii, sahaabota isaanitii fi hordoftoota isaanii kan toltuun isaan hordofan irrattis haa buusu.

Nga waahanga

KUN KITAABA MURTII FALFALAAFI RAAGAA KEESSATTI .KAAYAME.....	1
Duree	3
Murtii falfalaa, raagaa fi waan isiin wal qabatuu [1]	6
Falfala haati manaa abbaa manaa irratti gootu [16]	28
Murtoo falfaloota fi gowwoomsitoota gaafachuu [18]	33
Ogeessa fayyaa aadaa kan jinniitti dhimma ba'u biratti yaalamuu	39
Qoricha shari'aa falfalaaf(22)	42
Jinniin ilma namaatti seenuu ilaalchisee haqa ibsuu fi nama waan kana mormu irratti deebisuu[28]	50
! Hubachiisa	74
Nga waahanga	77